MAQAA ABBAA KAN ILMAA KAN HAFUURA QULQULLUU WAAQA TOKKOO AMEEN.

MANA KIRISTIYAANAA WAADDUU QUSQU'AAM MAARIYAAM YUUNIVARSIITII WALAAYITAA SOODDOOTTI KOORSII DUBBII MAARIYAAMII BARATTOOTA WAGGAA 1FFAAF QOPHAA'E.

Qopheessaan: D/B/sa Daani'eel Abbayyaa

BARA: 2015

BAAFATAWWAN

Qabiyyee **Fuula**

BOQONNAA TOKKO 1

BARUMSA WAA'EE DUBBII MAARIYAAMII 1

1.1 Seensa 1

1.2 Hiikoo Maqaa Dubaroo Maariyaamii 1

1.3 Barbaachisummaa Barumsa Dubbii Maariyaamii 4

1.4 Fayyisuu Waaqayyoo keessatti Gahee Namaa 4

1.5 Burqaalee waa'ee dubbii Maariyaamii 7

BOQONNAA LAMA 8

SEENAA QULQULLETTII MAARIYAAMII 8

2.1 Hidda Dhaloota Haadha Keenya Maariyaam 8

2.2 Giiftiin Keenya Qulqulleettiin Durboo Maariyaam Gara Mana Qulqullummaatti Galuu Ishee 11

2.4 Giiftiin Keenya Qulqulleettiin Durboo Maariyaam Misiraachoo Qulqulluu Gabri'eeliitiin Gooftaa Dahuu Ishee. 12

2.5 Godaansa Giiftii Keenyaa 13

2.6 Giiftii Keenya Baroota Gooftaan Barsiisaa Turetti 14

2.7 Giiftii Keenya Duuka Bu'oota Waliin 14

2.8 Boqonnaa, Du'aa Ka'uu fi Ol Ba'uu Giiftii Keenyaa 15

BOQONNAA SADII 17

DUBBII MAARIYAMII DUBBII FAYYINAA KEESSATTI 17

3.1 Waadaa Addaam 17

3.2 Cubbuu Duraanii 19

3.3 Giiftiin Keenya Qulqulleettii Durboo Maariyaam Tajaajila Dhaloota Gooftaa Irraa Hanga Qaraaniyootti Taasifte 20

3.3.1 Araarsummaa Giifti Keenya Qulqulleettii Durboo Maariyaamii 23

BOQONNAA AFUR 25

KABAJA DURBEE(KIBIRA DINGIL) 25

4.1.Haadha Waaqayyoo Ta'uushee 25

4.2. Qulqullummaa Ishee 26

4.3 Durbummaa Ishee 27

4.4. Karaalee Durbummaa Durbee Ittiin Ibsaman 28

4.4.1. Sagada Giiftii Keenyaa 29

4.4.2 Galata Giiftii keenyaaf 30

BOQONNAA 5 32

FAKKEENYA FI RAAJII WAA'EE GIIFTII KEENYA 32

5.1. Fakkeenya Giiftiin keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam Abboota Duraaniin Fakkeeffamte 32

5.1.1 Fakkeenya Deessuu Waaqayyoo Yeroo Seera Laphee Bara Kakuu Moofaa 33

5.1.2 Fakkeenya Deessuu Waaqayyoo Bara Seera Laphee Keessatti 36

5.2. Raajii Giiftii Keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam Raajota Qulqullootaan Dubbatame 41

BOQONNAA TOKKO

BARUMSA WAA'EE DUBBII MAARIYAAMII

1.1 Seensa

Barnoota dubbii fayyinaa keessatti sababa fayyinaa kan taate barumsa waa'ee dubbii Maariyaamii beekuu fi hubachuun barbaachisaadha. Jechi 'Dubbii Maariyaamii' jedhu kun jechoota lama of keessaa qaba:-

a**. Dubbii:** Akka barumsa mana kiristiyaanaa keenyaatti, Dubbii jechi jedhu, waa'ee ibsa barumsa tokkoo mullisee agarsiisuuf kan gargaaruudha.

b. **Maariyaamii:** Maariyaam jechi jedhu immoo mata duree keenya keessatti maqaa ulfinaa haadha keenya dubaroo Maariyaam haadha gooftaa keenyaaf kennameedha.

Walumaagalatti, gaaleen '**Dubbii Maariyaamii**' jedhu jedhu,waa'ee qulqullummaa , durbummaa bara baraa, haadha waaqayyoo ta'uu haadha keenya qulqulleettii dubaroo Maariyaamii; akkasumas ga'ee isheen dubbii fayyinaa keessatti qabdu barumsa ittiin hub annuudha.

1.2 Hiikoo Maqaa Dubaroo Maariyaamii

Maariyaam: - jechi jedhu afaan Ibiraayisxiitti **Maarihaam** (Miirihaam) jechuudha. Hiikoon isaa immoo **haadha hundumaa** jechuudha**.** Abirahaam abbaa hundumaa jechuu akkuma ta'e. **Uum. 17:5**

<u>Maariyaam</u> jecha jedhu bakka lamatti yeroo qoodnu,

MAAR: kan jedhu lafarraa waan mi'aawaa kan ta'e damma yeroo ta'u,

YAAM: kan jedhu immoo samiirra (gennata keessa) wanta mi'aawwaa jiru jechuudha. Haala kanaan Maariyaam jechuun lafa irraa fi samii irratti kan mi'ooftee(jaal'atamte) jechuudha. Walumaagalatti Maariyaam jechuun:-

1. **Maariyaam**:- jechuun mootummaa waaqayyootti dura buutuu taatee kan nama galchitu jechuudha. Sababni isaa seera waaqayyoo keessaa kan ba'e ayyaana waaqayyoo keessaa qullaa

kan ta'e Addaam iddoo ulfina isaa duraatti deeb'uu isaatiif sababa fayyinaa kan taate deessuu waaqayyoo kan taate giiftii Maariyaamwaan taateef gara mootumma waaqayyootti kn nama galchitu jechuudha.

2. **Maariyaam**:- jechuun kennaaf qabeenya jechuudha. Haati keenya Maariyaam maatii ishee yeroodaaf dhala hin qabne (dhaboo, maseena) turanii namoota duratti tuffatamanii fi salphatanii gaddaa waan turaniif, qabeenya guddaa fi kennaa guddaa taatee kennamteefii jirti. Xumurrri isaa garuu akka isheen namaaf kadhattu beekanii waadaa isheef kenname amananii amantoota dhufan hundaaf qabeenyaaf kennaa taatee kennamtee jirti.

Wangeela yohaannis 19:27 fannoo isaa gubbaa dhaabbatee utuu jiruu qabeenyaaf kennaa godhee nuuf kennee jira. Walumaagalatti, kennaan waaqayyoo karaashee mul'ate. **Faar.131 (132):13-14, Rom. 5: 18.**

3. **Maariyaam**:- jechun durbummaa foonii fi durbummaa yaadaan raawwattee kan jabaatte jechuudha. Dubbannaa yaadaan, hojiidhaan, cubbuu irraa kan qulqulloofte haadhummaa fi durbummaa waliin waan simatteef ykn waan jiraatteef fakkeenya taateetti.

4. **Maariyaam** jechuun uumamtootaan ol uumaan gadi kan jirtu jechuudha. sababni isaa ergamootni ilaaluudgaaf kan hin dandeenye waan keessa isheetti baatteef.

Maqaaleen giiftii keenya qulqulleettii durboo Maariyaamii armaan olitti tarreefaman akkuma jirutti ta'ee maqaalee icciitii ta'anis ni qabdi.

A. **Haadha ifaa**: - waaqayyo keenya fayyisaan keenya Iyyasuus Kiristoos yeroo (bara) barsisummaa isaatti ani ifa addunyaati jedheera. (yoh 8:12) qulqulichi Yohaannis raajii isaatiin dubartiin ifa uffattee kophee godhatee gonfoo urjiilee 12 irrati hojjetaman kawwattee mul'atteetti jedhee jira. (raajii 12:1)

   Ifa kan jedhame Waaqummaan amala isaa kan ta'e gooftaa keenya, waaqayyo keenya fayyisaa Kenya Iyyasuus Kiristoosidha. Kanaaf haati Iyyasuus immoo durboo Maariyaamii waan taateef maqaan haadha ifaa jedhu Kun isheef ni ta'aaf.

B. **Deessuu Waaqayyoo: -** maqaan kun giiftii keenya qulqullettii durboo Maariyaamiif kan ta'udha. Qaama lamarraa qaama tokko amala lamarraa amala tokko kan ta'e wal simannaan kan kabajame haati waaqayyo ilmaa Iyyasuus kiristoos fooniin haadha isaa ta'uuf dubartoota

keessaa kan filaltamte ishee waan taateef raajichi Isaayiyaas rajii isaatiin akkuma dubbate kan isherraa dhalate Iyysuus Kiristos ajaa'iba, gorsaa waaqayyo hundaa oliiti. (Isa 9:6) bakka biraattis durbummaan ulfooftee durbummaan kan deessu maqaan isaa Amaanu'eel jedhamee akka waamamuu dubbatee jira. (Isa 7:14) Amaanu'el jechuun ergamaan waqayyoo akkuma hiiketti Waaqayyo foon keenya irraa foon lubuu keenya irraa lubbuu fudhatee nama ta'e jechuudha (Maat.1:23). Iyyasuus kiristoosiin rawwatamu isaa waaaqummaan Iyyaasuus Kiristoos Waaqummaan amala isaa akka ta'e kan nuuf mirkaneessudha (Iyob: 2:32, Hojii erga 2:21-38), Room. 10:9-13, Isa 40:3, Maar 1:1-3). Kanneeniin ragaa bahuun gahaadha. Kana hunda qabanneetu egaa durboo Maariyaamiin haadha waaqayyoo ta'uuf qofa eshee kan uumamte haadha waqayyooti jenna. Barumsi kana ala ta'e hin jiru yoo jiraates barumsa shakkitaotaa waan ta'eef fudhatama hin qabu.

Itti dabalees dursaan phaaphasota Iskindiriyaa abbaan keenya qulqulluun **Qeerloos** "Amanu'eel Waaqummaan amala isaa akak ta'e qulqullettii durbon waaqayyo kan deesse akka taate nama kan ta'e jecha Waaqayyoos kan deesse namni hin amanne yoo jiraate kan adda ba'e haa ta'u jechuun adda erga baasee booda "lammata bara boodaas qulqulleettii durboon isa fooniin baachuu isheetiin nuuf nama kan ta'e jecha waaqayyoo nuuf deesse" kanaaf qulqulleetti durboon deessuu waaqayyo isheen jenna. Nama osoo hin ta'iin Nama erga ta'ee booda ilami tokko Kiristoos isumadha. Jechi waaqayyo abbaa irraa argame kan bira miti qullulleeti durboo irraa kan dhaltes kan biraa miti kan itti amannu addunyaa dursee kan ture durboorraa foonin kan dhalate kun ilma tokkodha malee. (H.A Fuula 27-305) jechuun qulqullettii durboo Maariyaamiin haadha waaqayyoo, deessuu waaqayyoo ta'uu ishee ragaa baheera.

C. **<u>Waadaa dhifamaa (Kidaana Mihiret)</u>** :- waadaa – waliigaltee kakuu hiika jedhu yoo qabaatu, dhiifama, gaarumma, kennaa bilisaa, jaalala, kan agarsiisu jecha ijoo yoo ta'u maqaan kun giiftiin keenya qulqulleetti durboo Maariyaamiin gooftaa keenya Waaqayyo keenya faayyisaa Keenya Iyyasuus Kiristoos maqaa kee kan waame siifan fayyisa kan jedhu waadaa dhiifamaa cubbamootaaf seenuu isaaf yadannoo kan ta'udha. (faar 38:3) "kanneen filadhe waliin jecha waadaaa dhiifamaa nan taasise." Akkuma jedhe.

1.3 Barbaachisummaa Barumsa Dubbii Maariyaamii

a. Kiristaanummaa haalaan hubachuuf:

Kiristaanummaa gooftaan keenya Waaqayyo mootiin foon Maariyaamiin mul'atee kan hundeessedha. Addunyaa kanaan dura Abbaa fi Afuura Qulqulluu wajjiin wal qixa ta'ee addunaa kan uumee fi kan bulchu sagaleen Waaqayyoo (Ilmi) Addunyaan booda kan bade Addaamiin barbaacha amalaan mataa isaa gadi qabee amala namaatiin kan mul'ate gonka Waaqa gonka nama ta'uusaa barumsa itti amannuu fi itti hubannudha. Dubbi fayyinaa kana keessatti ga'ee barumsa kiristaanummaa bal'aa qabattee kan argamtu giiftii keenya qulqulleettii dubroo Maariyaamiidha.

b. Kabajaa fi kennaa Giiftii keenyaa baruuf

Giiftiin keenya qulqulleettiin dubroo Maariyaam gooftaa keenya Waaqayyo mootii irraa kennaa kennameefiin qomoo Ergamootaa fi ilmaan Addaam irra kabajaan kan eshee fakkaatu, kennaan kan esheen qixxaatu hin jiru. Kunis uumamtoota keessaa adda baatee haadha Waaqayyoo ta'uuf waan filatamteef Waaqayyoon durbummaa gonka ta'een ulfooftee durbummaa gonka ta'een kan deesse hunda kan sooru Waaqayyoon harma eshee hoosistee kan guddiste dugda esheerratti kan baatte ilma esheetiif kan godaante jechuun barsiisuun baroota gooftaa wajjiin kan turte hanga ejjannoo fannootti kan adda hin bane waan taateef waa'ee eshee kennaa fi kabaja esheef kennameef beekanii kabajuun barumsa dubbii Maariyaam barachuun barbaachisaadha.

c. Jireenya keenya keessatti fayyadamuuf

Giiftiin keenya qulqulleettiin durboon Maariyaamii waadaa kabajaaman ilma ishee Iyyasuus Kiristoos irraa isheef kenname ni jira. Waadichis " maqaakee kan waame yaadannoo kee kan baase waadaa keetti kan amaname gidiraa fooniifi gidiraa lubbuu irraa nan fayyisa; eebba foonii eebba lubbuu nan kenanaf" kan jedhudha. Waadaan kun jireenya keenya keessatti akka hojjetu, lubbuunis fooniinis cubbuu ala kan barbaannuufi kan fayyadu akka nuuf rawwatamu, akka beeknuufi hubannu (barannu) barumsa dubbii maariyamii barachuun barbaachisadha.

1.4 Fayyisuu Waaqayyoo keessatti Gahee Namaa

Waaqayyo hojii fayina isaa karaa adda ta'een raawwate. Innis gad of qabee foon keenya uffatee nu fayisuu isaati.Karaa fedhe arjuummaa isaa agarsiisee nu fayisuu danda'a ture.Garuu nu hirmaachisee fi eyyamummaa keenya gaafatee nu jaalachiisee nu fayise.

Waaqayyo ilmi samii irraa bu'ee nu fayisuuf/gara keenya dhufuuf dhala namaa keessaa sababa/karaa barbaade.Kanaaf foon keenya uffachuuf/nama fayisuuf qulqulleettii Maareyaamiin sababa/daandii taateetti.

Waaqayyo akka nama fayisuu karaa ifa ta'een raajoonni dubbataniiru/isaan irra buleeti.Yeroon isaa geenyaanis ergaa misiraachoo Gabrieeliitti erguun dhufaatii himeera .Waaqayyo bara baraan jiraatu nama ta'uuf, kanneen akka Daawwiitii fi Abrahaam kan uume mucaa **Daawwiit**, mucaa **Abrahaam**…… jedhamuuf, Yeroo fi bakki kan isa hin daangessinee yeroo fi bakkaan daanga'uuf, walumaagalatti icciitiin adda ta'ee yeroo raawwatamu inni duraan murteesseera waan ta'eef murtee isaa kanas Maareyaamiitti ergeera.

Ergaan misiraachichaas akkas kan jedhu ture (**Luq.1:26-38**). Ergichis adda dha. Eenyu illee dhaga'ee kan hin beekne ture. Qul. Maariyaamii illee kan ajaa'ibsiise ture. Ergaan waaqayyoo kunii fi deebiin Mariyaamii nama ta'uu waaqayyoof kan karaa banan yoo xiqqaate waan lama ilaaluun ni danda'ama:-

1. **Amanuu/amantii Qulqulleettii Maariyaamii**
   - Waaqayyoo akkasumaan garaa Maariyaamiitti hafuu danda'a ture. Waaqayyo humna waan qabuuf waaqa humnaan hojii hojjetu miti. "Karaan waaqayyoo hunduu qajeelaa dha." Hos.14:9. Waaqayyo karaa hedduu hojjeta. Ergaa isaa karaa quqlqulluu Gabri'eelii ergeera. Sababni isaas:
   - Kufaatiin Addaam inni duraa sababa hir'achuu amantii inni waaqayyo irratti qabuu ture. Duuti hir'achuu amantiin dhufe. Amantiin isaanii sababa boora'eef ajaja diigan. Kanaaf
   - waaqayyo karaa duraan duuti gara namaatti seene sanaan du'a deebisee balleessuu barbaade.
   - Kanaaf Waaqayyo hojii fayina isaa jalqabuuf ergaa gara qulqulleettii Maariyaamiitti erge.
   - Hewaan kaayyoo seexanaa (gara du'aatti nama geessuu) sanaaf barumsa isaa dhageessee/amantee karaa du'aa keenyaaf sababa taate. Maariyaamiin garuu jecha Gabri'eelii/ergaa Waaqayyoo amante.
   - Waaqayyoon ganuu Hewaaniin duuti jalqabame amanuu Maariyaamiin (sababa nama ta'uu Waaqayyoo ta'uu isheetiin) karaa haraan jalqabamuuf ta'e.

- Nama hundumaa bakka buute ergaa fayisuu waaqayyoo amantee fudhchuun isheetiin jechi/sagalen akka nama ta'u gochuun baateetti.
- Kanaaf waaqayyoo ergaa erguun amantiin qulqulleettii haadha keenya Maariyaamii ilaalameera.
- Namni hir'ina amantii fi du'aaf sababa ta'uu Hewaan akkasumas sababa isheef miidhamuu nama hundaatti amanuu kamiyyuu amantiin Maariyaamii nama hundaaf faayidaa guddaa akka qabu amanuu qaba.
- Hewaan barumsa seexanaatti waan amanteef duuti gara addunyaatti akka dhufe kan amanu sababa qul.Maariyaam waaqayyoof amanamteef (human waaqayyootti amanuu ishee) jireenyi gara addunyaatti dhufuuf karaa akka bane amanuu qaba.

2. Ajajamuu Qulqulleettii Maariyaamii fi Waaqayoof of kennuu ishee

Ajajamuu dhiisuun Hewaan sababa hir'ina amantaa waaqayyo irratti qabduun ture. Seexanaaf ajajamte. Ajajamuun Hewan ishee lammaffaa garuu Waaqayyoon waan sirriitti amantuuf ture.

Waan baay'ee addaa fi keessummaa ta'ee amantee fudhatteetti. Adda kan jennu maaliif?

- Lubichi Zakkaariyaas umurii nama guddummaa isaatti ergaa Waaqayyoon amanuu hin dandeenye. Isheen garuu umurii baay'ee gad aanaa keessa osoo jirtu ergaa Waaqayyoo ajajamtee, amantee fudhatte. kanaaf adda.
- Lubicha zakkaariyaasitti kan himame karuma duraanbeekamuun mucaa akka argatu ture. Isheetti garuu karaaduraan hin beekamneen/karaa keessummaa ta'een isa itti himame amantee fudhatte.
- Kan isheen ni deessa jedhamte uumama osoo hin taane Uumaa ture. Kanas hundumaaf ni ajajamte.
- Jechi samii irraa dhufee ishee irraa nama ta'uuf ajajamuun ishee karaa baneera. Kan garaa isheetti hafe jireenya dhalanamaa hundumaaf ta'u dha.
- Kanaaf kiristaanonni hundi gahee ishee kana dagachuu hin qabani.
- Ajajamuun qulqulleettii Maariyaamii ajajamuu dhiisuu Hewwaniif beenyaa ta'eera.
- "Qulqulleettii Maariyaamiin hojii fayisuu Waaqayyoo waliin hirmaatte" (qulqulluu Heereeneewoos)
- Waan hunda waaqayyo eyyamsiisee hojjeta. Kanaaf nama ta'uun Waaqayyoo fedha Maariyaamiin ala miti.

1.5 Burqaalee waa'ee dubbii Maariyaamii

Barumsi dubbii Maariyaamii madda qaba. Maddi isaas kitaabolee afuuraafi bu'uura isaanii kan ta'e **kitaaba qulqulludha**. Kunis bakka lamatti kan qoodamedha. **kakuu moofaa** fi **kakuu haaraa**dha. Asuma kakuu moofaa fi kakuu haaraa keessatti waa'een giiftii keenya kakuu moofaa keessatti fakkeenya abbootii hangafootaatiin, raajii raajotaatiin kan ibsame; kakuu haaraa keessattis baarumsa duuka bu'ootaan goolaba argatee kan barsisiifamee waan taa'eef kitaabni qulqulluu bu'uura (madda) dubbii Maariyaamiiti.

Kitaaba qulqullutti aanee raajotaan, duuka bu'ootan hordofuun **beektonni** barreeffama isaanii keessatti waa'ee giiftii keenya ibsanii barreessaniiru.

Keessumattuu shakkitoota si'ana ka'aniif barumsa skakkii(ganuu) isaan barsiisaniif deebii kennuuf kan qopheessan kitaaba **amantii beektotaa** keessatti barumsi dubbii Maariyaamii kan ibsame waan ta'eef barumsa dubbii Maariyamiif madda ta'eera.

Itti dabalees barumsa waa'ee dubbii Maariyamiif madda kan ta'u kitaaba **Dinqii Maariyaamii**, barreeffama duggaa qulqulicha **Yaared**, barreefamoota **abbaa Giyoorgis** jechuunis: kan akka **argaanoon** giiftii Maariyaam kan akka **hohita birhaan** kan akka **inzara sibhaat**, sirna qulqulleessa urgaa'aa kan abbaa **Hiriyaaqoos**, galata Maariyaamii quqlqullicha **Efreemii** fi barreeffamoota kana fakkaatanidha. Barreeffamoota kana kan barreessisee fi dubbii qulqulleetti dubroo Maariyaamii kan ibseef, kan irra buleefi kan isaan file **Waaqayyo afuura qulqulluuti**. Afuurri **qulqulluun** kan irra hin bulle kabaja giiftii kenyaa ibsee dubbachuu (barreessuu) hin danda'u waan ta'eefidha. "***Afuurri qulqulluun Elsaabeex irra bulee, sagalee ishee ol kaaste haati gooftaa koo gara koo dhufuuf akkamitti naaf ta'a? ati dubartoota keessaa filatamtee kan eebbifamte firiin gadameessa keetiis kan eebbifamee dha*** **jette**" **(Luq: 1:39)** akkuma jedhu.

BOQONNAA LAMA

SEENAA QULQULLETTII MAARIYAAMII

2.1 Hidda Dhaloota Haadha Keenya Maariyaam

Waaqayyo gooftaan maccaa osoo sanyii nuu hambisuu baatee akka sodoom osoo taanee gamooraas osoo fakkaannee ture. **"(Isa. 1:9).** Jechi raajichi Waaqayyoo Isaayiyaas dubbate kun icciitii qabeessa yoo ta'u kan dubbatames deessuu waaqayyoo kan taatee giiftii keenya qulqulleetti durboo Maariyamiifidha. Raajichi Afuura qulqulluun qajeelfamee akkuma dubbate waa'ee fayyina ijoollee Addaamiif sanyiin filatamtee hafte jechuunis abaarsi foonii fi abaarsi lubbuu kan irra hin jirre giiftii keenya qulqulleettii dubroo Maariyaamiidha.

Ifni biyya lafaa qulqulla'aan Phaawuloos waa'ee Iyyesuus Kiristoos Maariyaam irraa dhalachuu isaa yomuu ibsu, 'sanyii hidda Abirhaam qabate malee kan ergamootaa miti'. Ibr. 2:16 irratti jedhee akka barsiisetti waa'ee hidda dhaloota Maariyaam yeroo kaasnu ka'umsi keenya abboota qulqulloota.

Bakka biraattis qulqullichi Daawwiit waa'ee dhalachuu giiftii keenya qulqulleetti dubaroo Maariyaamii akkas jechuun dubbateera. "***Hundeen ishee tulluuwwan eebbifamanidha***(Faar.86:1)***).*** Raajichi Waaqayyoo qulqullichi Daawiit kana jechuun isaa Addaam irraa eegalee kanneen akka Abrihaam, Daawiit, Salamoon fi k.k.kf. hanga qulqullicha **Iyyaaqeemii** fi qulqulleettii **Hannaatti** jiran icciitiin kaasuu isaati. Qulqullichi maatewoosis yeroo barreessu "**Mukti Gaariin Ija Gaarii Naqata**." Maat. 7:17 jedheera.

Hidda dhaloota giiftii Maariyaamii Addaamii eegalee hanga Hiyaaqemii fi Haannaatti abboootaa fi haadhota qulqulla'an bu'aa ba'aa akka dhufte beektotni bataskaanaa dhugaa ni ba'u. fakkeenyi kunis:

- Ijoollee Addaam keessaa karaa Seeti.
- Ijoollee Nooh keessaa karaa Seem.
- Ijoollee Abirhaam keessaa karaa Isqeel.
- Ijoollee Yaa'iqoob keessaa karaa Yihuudaa fi Leewwii
- Ijoollee Daawit keessaa karaa Solomoon kan filman Abbootaa fi haadhota kan akka ogummaa waaqayyoottii kan argamteedha.

- Haannaan gosa mana Leewwii keessaa qomoo lubicha leewwii keessaa filamte
- Iyyaaqeem immoo gosa warra Yihudaa qomoo warra moototaa keessaa filatame. Kanaafuu qulqulluun Yaareed Maariyaam durboo sanyii Addaam keessaa Inquu(Miidhagduu) abdii akka taate macaafa isaa Dugguwaa jedhu keessatti dubbateera.

Seenaa dhalachuu giiftii keenya qulqulleetti dubaroo Maariyamii kanatti aanee akka jirutti ni ilaalla.

Naannoo Iyyerusaalemitti gaa'ila qulquqlluun murtaa'anii waaqayyoon waaqeffachaa fi galateefachaa kan jiran **Pheexiriqaafi Teektaa** kan jedhaman namoonni gaggaariin turan.

Haa ta'u malee maseenota mucaa hin qabne waan ta'aniif qabeenya horatan nama isaan dhaalu waan hin dhalleef ni gaddu ture .

Guyyaa keessaa gaaf tokko waa'ee baay'ina qabeenya isaanii bal'inaan erga mari'atanii booda, **Pheexiriqaan** abdii kutachuun dhagahi "*yaa obboleettii koo qabeenya walitti qabne kana hunda maal ittiin goona kan nu dhaalu mucaa hin qabnu sababni isaas ati mucaa dahuu hin dandeessu, anis immoo simalee durba biro hin beeku*" jedheen.

Teektaanis " *yaa gooftaa koo Waaqni Israa'eel anaan mucaa yoo na dhowwate atis akka koo taateeet haftaatii kan biraarraa dhalchi malee?"* Jettee yoo geggeessitu innis "dubbii akkasii taasisuun haa hafuutii laphee kootti akkan hin yaaande Waaqni Isaar'eel ni beeka" jedheen.

Marii kana hunda booda Teektaan Pheexiriiqaadhaan akkas jetteen Waaqayyo wanta raaawwatu homtuu hin beeku kaleessa galgala abjuu kootiin **jabbiin adii** gadameesssa koo keessaa yoo baatu jabbiin adii sunis jabbii adii biro yeroo dhaltuufi hanga dhaloota **torbaatti** osoo wal horanii dhaloonni torbaffaan **addeessa** yoo deessu addeessi immoo **aduu** yeroo deessun arge jetteen kana ajaa'ibsiifatanii Waaqayyoon galateeffachuun gara nama **abjuu hiikuutti** deemanii wanta ta'e hunda itti himan. Abjuu hiiktuun sunis Waaqayyoon dhiifama isaatiin isin ilaaleera, gaarummaa isaatiin isin sooree jira jechuun abjuu isaanii akkas jedhee hiikeef.

"***Dubartoonni torba jabbilee dhaluun isaanii yookiin yeroo dhaalatan arguun keessan ijjoollee dubaraa torba ni horattu isheen torbaffaa adeessa dhaluun ishee namoota hunda kan***

caaaltu ergamoota irra kan ulfaatte sanyii gaarii ni godhattu waa'een aduu garuu naaf hin hiikamne yeroon haa hiiku jedheen."

Ji'uma sanaa Teektaan ni ulfoofte muca durbaa ni deesse maqaa ishees **Heemeen** jedhanii moggasaniif. Itti aanees kanneen biro wal duraa duubaan dhalatan.

Heemeen **Deerdeen** deesse Deerdeeniis **Toonaan** deesse Toonaanis **Siikariin** deesse Siikaariinis **Seetinaan** deesse Seetinaanis **Heermeellaa** deesse Heeermeellanis Maaxaatitti heerumtee dubartoota addunyaa keessa filatamtee akkoo gooftaa keenya kan taate qulqulleettii **Hannaa** fulbaana guyyaa 7 deesse. Hannaanis naamusaan guddaattee yeroo gaa'ilaaf geessu dhaloonni isaaa mana mootummaa keessa kan ta'e kabajamaa qulqulluu **Iyyaaqeem** nama jedhamutti ishee heerumsisan.

Cancala sanyii quqlullaa'aa abbootii fi haadhotii kana keessa darbanii kan dhufan qulqullichi Iyyaaqeemii fi qulqulleettiin Hannaa Waaqayyoon fayyina adunyaaf kan filate **qulqulleettii durboo Mariyaamii** horan.

Egaa Iyyaaqemii fi qulqulleetti Hannaan bu'uura qulqullootaa ta'anillee qabeenya addunyaa kanaan garuu **hiyyeessota** turan. hangamumallee **hiyyeessota** ta'anis jaallalli isanii daangaa kan hin qabne si wayya si wayya waliin jechuun kan jiraatan. abbaa manaa fi haadha manaa gaggaarii turan. Maseenummaa isaanii dahoo godhachuun seera gaa'ilaa isaanii kan hin xureessinee qulqullota turan.

Waaqayyo keenyas qulqullummaa isaanii ilaalee **soomiifi kadhannaa** hedduu booda mucaa akka isaaniif taatu giiftii keenya qulqulleetii dubroo **Maariyaamii** kenneef. Giiftiin keenya qulqullettiin durboo Maariyamii **Hagayya guyyaa 7** ulfoofte; yeroo ulfooftettis raajiiwwan hedduun ta'aniiru. Gadameessa qulqulleettii Hannaa qaqqabachuun iji warra hin arginee **banameeraaf,** warri gugguufan **sirraa'aniiru**, dhukkubasattoonni hedduun **fayyaniiru**, du'ee kan ture *Saamiinaas* kan jedhamu ilmi wasiila ququlleettii Hannaa; gaaddidduun qulqulleettii Hannaa yeroo irra bu'u du'aa **ka'ee** haadha aduu kan taatu durboo Maariyamii gadameessa Hannaa keessatti ergamoonni galata ishee yeroo dubbatan dhagahuu isaa *dhugaa baheera*. yeroo kana ayihuudonni hinaaffadhaan Iyyaaqeemii fi Hannaa ajjeesuuf yeroo ka'an qulqullichi Gari'eeliin gara tulluu Libaanoos jedhamutti geesse. Achumatti giiftiin keenya qulqulleettiin durboo Maariyamii **Caamsaa Guyyaa 1** dhalatte.

2.2 Giiftiin Keenya Qulqulleettiin Durboo Maariyaam Gara Mana Qulqullummaatti Galuu Ishee

Qulqulluun Iyyaaqeemii fi qulqulleettiin Hannaa giiftii keenya durboo Maariyaamii qulquullummaan waggaa **3f** mana isaaniitti erga guddisanii booda wareega wareeggatanii waan tureef kan dhalchan "kan kenne yoo fudhate komii hin qabu" jechaa mana Waaqayyoof harka fuudhii barbaachisu hundumaa qabatanii giiftiin keenya mana Waaqayyoo akka tajaajiltu kennuuf gara mana qulqullummaa fidan. Lubichi Zakkaariyaas qaacila rukkuchuun uummataa walitti qabe; uummannis yeroo waliti qabaman duraan wareegni tajaajila mana amantiif kennamu kan akka warqii, qarshii, sangaa, hoolaa ture; amma garuu namadha. Mucaa xiqqoo kana fuune maal laannaaf maal obaasna maal keessas jiraachisna jedhee ummata gafaate. Dubbii kanaan osoo dhiphatanii waaqayyo keenya qulqullicha **Faanu'eel** nyaaataa fi dhugaatii samiirraa qabsiisee gara isaanitti erge hangafa lubootaa irraa jalqabee kanneen biroos akkuma aangoo isaanitti kana ni fudhanna jedhanii yoo dhihaatan isaaniif wanta hin dhufneef isaan irraa fageesse; boodarra giiftii Keenya namoota irraa adda baasanii qofaa ishee yoo dhaaban samii irraa bu'ee koochoo isaa tokko lafarraa afee koochoo isaa kan biro ishee haguuguun yaa giiftii hedduu waanan si eegsiseef dhiifama naaf godhii jechuun laateefii olba'e. waaa'een nyaata ishee yoo nuuf argame namoota waliin maaltu walitti nu buuse mana qulqullummaa keessa haa jiraattu jedhanii **Muddee Bultii 3** gara mana qulqullummaatti galchan. Achittis nyaataa fi dhugaatii samiirraa sooramaa ergamoonni ishee jajjabeessaa jirbii fi waqrii fo'aa mana qulqullummaa tajaajilaa waggoota **12f** teesseetti.

Abbaan Hiriyaaqos kana caalaatti yeroo ibsu sirna qulqulleessaa Maariyaamii keessatti akkas jedheera " ***yaa durboo nyaata lafarraa kan sooramte osoo hin taane samii samiirraa nyaate bilchaate nyaata samiiti malee yaaa durboo dhugaatiii lafarraa kan dhugde osoo hin taane dhugaatii samii samiirraa waraabameedha malee yaa durboo akka dubartoota si dura yookiin si booda jiranii xuriifi cubbuu kan beektu miti qulqullummaan mana qulqullummaa kan jiraattedha malee yaa durboo dargaggoonni dogoggorsiistota ta'an kan si jajjabeessan miti ergamoonni samiirraa si daawwatan malee."***

2.3 Giiftiin Keenya Qulqulleettiin Durboo Maariyaamii Manguddoo Yooseef Akka Eshee Eeguuf Itti Kennamuu Ishee

Waggaa 12 dooba Ayihudoonni giiftii keenya irrati inaaffaadhaan kaka'anii mana haadhaa fi abbaa ishee waggaa 3 mana qulqullummaa keessa waggaa 12 walumatti waggaa **15** waan guutteef xurii (laguudhaan) mana qulqullummaa keenya nu jalaaa **xureessiti** haa baatu jedhan. Lubichi Zakkaariyaas gara durboo Maariyaamiitti olseenee itti hime. isheenis gara *Waaqayyootti naaf beeksisi malee ani maalan beeka* jetteen. Innis gara Waaqayyootti yoo beeksisu *manguddoota Israa'eel warreen haati mana isaaniii jalaa du'an ulee isaanii walitti qabiitii irratti kadhachaa buli anis maallattoo sittan agarsiisa* jedheen. innis akkuma ajaajame ulee jaarsolii haati manaa isaanii jalaa du'anii walitti qabee gara man qulqullummaatti galchee irratti kadhachaa bulee yoo bari'u yeroo baasu **uleen Yooseef ilma Daawiit** namni osoo ishee hin dhaabiin bishaan osoo hin obaasiin lattee daraartee firii godhattee; **yaa Yooseef durbo Maariyaamii fudhachuuf hin sodaatiin** jechi jedhu irratti barreeffame argame, *carraas* yoo buusan Yooseefiin qaqqabe, *Gugeenis* isarra qubetteetti mallattoowwan kana **sadaniin** maanguddichi Yooseef giiftii keenya qulquqlleetti durboo Maariyaamii akka eeguuf (tajaajiluuf) filatamuu isaatiin giiftiin keenya Yooseefiif kennamtee jirti. abbaa Hiriyaaqos sirna qulqulleessaa isaatiin "***yaa durboo yooseefiif kan kaadhimamte walqunnamamuuf osoo hin taanee qulqulluu ta'ee akka si eegufidha malee*** " akkuma jedhe. Durboon Maariyaamii fira ishee Yooseef qulqulluu ta'ee akka ishee eeguuf immaanaan isaaf kennamte. Baay'ina gara laafummaa ishee irraa kan ka'e mana Yooseef yeroo jirtu *Yooseefiin gargaaraa turteetti bishaan yoo waraabdu saree dheebote argite kopha warqii isheetiin bishaan obaasteetti.*

2.4 Giiftiin Keenya Qulqulleettiin Durboo Maariyaam Misiraachoo Qulqulluu Gabri'eeliitiin Gooftaa Dahuu Ishee.

kana booda giiftiin keenya qulqulleetiin durboo maariyamii bitootessa 29 guyyaa dilbataa sa'a 3 irratti osoo mana qulqullummaa jirtuu qulqullichi Gabri'eeeliin misiraachoo itti himeen gooftaa durbummaan ulfooftee durbummaan akka deessu yeroo dhageessu; isheenis amantiidhaan naaf haa ta'u yeroo jettetti haadha gooftaa ta'uuf filamtee jirti. (luq:1;26-38) isheenis gooftaa ji'a 9 fi guyyaa 5 erga garaatti baattee booda mudde guyyaa 29 osoo ciniinsuun ishee hin qabiin dhiigni ishee osoo hin dhangala'iin Beeteliheem dallaa loonii keessatti qulqullummaan deessee jirti. Erga deessees durboo bara baraa taatee jiraatteetti (Isa. 7:14, Luq 2:1-20).

2.5 Godaansa Giiftii Keenyaa

Giiftiin keenya qulqulleettiin durboo Maariyamiin yeroo gooftaa deessetti namoonni ogummaa agarsiisa addeessatiin baha fagoo (Baabiloonii) Iyyerusaalem yeroo ga'an addeessichi jalaa dhokate. isaanis mootichi Ayihuud inni dhalate eessa jira? Jedhani gaafatan mootichi yeroo sana ture Heroodis loltoota isaa waliin kana dhagahee ni rifate. Luboota ayihuudootaa waamee mootichi eessatti akka dhalatu gafate isaanis Beetelimitti akka ta'e iti himani. Innis namoota ogummaa wamee addeessichi yeroo itti mul'ate isaan gaafate isaanis waggaa lama akka ta'e itti himan. Isaanis gara Beeteliheem akka deeman itti hime. addeessichis itti mul'ate Beeteliheem ga'anii muca haadha isaa Maariyaamii faana argatan. Isaanis saanduqa isaanii bananii warqii urgooftuu, karbee harka fuudhinsaaf isaa galchan. Sana booda ergamaan Waaqayyoo karaa(daandii) biraa irra guyyaa 40ffaatti gara mana isaaniitti isaan galche. isaanis erga deemanii booda ergamaan Waqayyoo abjuun itti mula'atee mucaa kana haadha isaa Maariyaamii waliin qabatee gara Gibtsitti akka godaanu manguddicha Yooseef in ajajae. Haaluma ajaja kanaatiin giiftiin keenya gooftaa qabattee gara Gibtsitti buutetti (godaanteetti) yeroo godaansa ishees ilma sheef jettee beelofteetti, dheebotteetti. Heeroodisinis gooftaa waan argatu itti fakkaatee ijoollota Beeteliheem lakkofsaan hedduu ta'an cubbuudhaan akka ajjeefaman taasiseera. Walumaagalatti mootichi Heroodos ajjeesuu barbaannaan ergamaan waaqayyoo "**mucaakee fudhadhuu gibxiitti baqadhu**" ittiin jedhe. Mat 2:13-21, Mul 12:12-18. Sababni godaansa kanaa waa **sadiif**. Iasaanis:

1. Gennata keessaatii kan ari'atame Addaamii fi ijoollee isaa fayyisuuf gooftaan keenya ofii isaatii ari'atamee(godaanee) iddoo isaanii jalqabaatti deebisuuf.
2. Caaffata Isaayaas 19:1 gubbaatti "Yaa Gibxii waaqayyo Gooftaan duumessa yaabbatee gara kee ni dhufa, waaqa tolfamaa kees ni caccabsa " raajii jedhame raawwachuuf. Icitiin duumessichaa giiftii keenya Maariyaamiidha.
3. Mucaa koon gibxiitti waame raawwachuuf. Hose. 11:1. Godaansi giiftii keenyaa **waggaa 3fi ji'a ja'aaf** ture. **Mul.12:6.** Kan inni itti yaadatamus Fulbaana 26 hanga sadaasa 06ttiidha. Innis **waqxii abaaboo ykn zamana tsiggee** jedhamee beekama.

2.6 Giiftii Keenya Baroota Gooftaan Barsiisaa Turetti

Giiftiin keenya qulqulleettiin durbooo Maariyaamii baroota gooftaan keenya barsiisaa turetti isarraa **addaa hin bane**. Keesumaattuu wangeelaawwii **qulqulluu Yohaannis** akkuma ibse qaanaa **zegeliilaatti** yeroo raajii inni jalqabaa rawwatamu jechuunis bishaan gara daadhii wayiniitti yeroo jijjiiramu bishaanichi gara daadhii wayiniitti jijjiiramuu isaatiif sababni isaa araarsummaa (kadhanna) giiftii keenyaatiin akka ta'e ibseera. Sana booda gooftaan naanna'ee erga barsiisee yeroo inni fannoo gubbaatti faannifamu miilla fannoo jala isa waliin turte. yeroo kana gooftaan keenya waqayyo keenya, fayyisaan keenya Iyyasuus Kiristoos haati isaa durboo Maariyaamiin Yohaannisiif haadha akka taatuuf isaaf kenne. Yoohaannisis durboo Maariyamiif mucaa akka ta'u isheef kenne. Wangeelli qulqulluun akkuma jedhutti waangeelaawwiin Yohaannis gara mana isaatti fudhatee jira. Yoh 19:26 karaa yohaannisiin nutis durboo Maariyamiif ijoollee kennaa ta'uun keenya durboo Maariyaamiinis haadha kennaa nuuf ta'uun ishee kanaan mirkanaa'ee jira.

2.7 Giiftii Keenya Duuka Bu'oota Waliin

Wangeelawwiin Yohaannis giiftii keenya gara mana isaatti fudhate yeroo jennu; gara mana amantaa ishee jalqabaa gara mana haadha Maarqoos gara mana Maariyaamitti fide jechuudha. Achittis duukaa bu'oonni walitti qabamu ture. Duukaa bu'oonni du'aafi ka'uu gooftaa akkasumas olba'uu booda kennaa isaaniif kennamu afuura qulqulluu abdii godhachuun giiftii keenya Maariyaamii waliin ta'uun kadhannaa taasisu ture. gooftaan keenya Waaqayyo mootiin kadhannaa isaanii dhagahee du'aa ka'ee guyyaa 50ffaatti jechuunis erga kabajaan olba'ee guyya 10 booda afuura qulqulluu isaaniif ergee afaan 72 akka dubbatan isaaniif ibsame gidiraawwan hunda danda'anii addunyaa hunda irra naanna'uun barsiisaniiru. Abbootiin keenya seenaa kana ka'umsa godhachuun yeroo giiftii keenya galateeffatan suurraan lallaba duuka bu'ootaa si'idha jedhanii galateefatanii jiru. Duuka bu'oonni afuura qulqulluu fudhachuuf giiftii keenyatti marsanii kadhachuun isaanii akkuma isaan fayyade nutis giiftii keenya kadhannee suga foonii suga lubbuu argachuun barbaachisadha. Hojii D/B 1:12-14, Hojii D/B 2:1

2.8 Boqonnaa, Du'aa Ka'uu fi Ol Ba'uu Giiftii Keenyaa

Giiftin keenya qulqullettiin durboo Maariyamiin gooftaa waliin waggaa 33 fi ji'a 3 osoo adda hin ba'iin turte. Gooftaan keenya fannoo gubbaa yeroo ooles miilla fannoo jala isa waliin turte. Gooftaanis duuka bu'aa jallatu qulqulluu Yohaannisiif immanaan kenneef. Qulqullichi Yohaannisis gara mana isaatti fudhatee ishee tajaajilaa ture. (Yoh 19:26) giiftiin keenya mana Yohaannis keessa waggaa 15f teesseeti. walumaagalatti **waggaa 64 yeroo taatu amajjii 21 naannoo bara 49 Dh.K.B.** bu'aa bahii (dadhabbii) addunyaa kana irraa **boqotteetti**.

Akkuma mana amantii Ortodoksii Tawaahidoo labsitu gaafa giiftiin keenya qullulleettii durboo Maariyaamiin boqottu duuka bu'oonni reeffa giifti keenya boqochiisuuf gara **Geeteesemaanii** bakkee awwaalchaa qabatanii yeroo deeman ayihuudoonni inaaffaan kaka'anii "*duraan ilmi ishee guyyaa 3ffaatti du'a mo'ee guyyaa 40ffaa isaatti gara samiitti ol ba'e boodas addunyaa kana dabarsuuf deebi'ee ni dhufa jedhami barsiisuun uummata nurraa fudhataniiru. Amma immoo callisnee yoo ishee dhiifne isheenis akkuma ilma ishee kaateetti olbaateetti jedhanii barsiisuun nu jeeqaa jiraachuuf mitii? Koottaa walitti qabamaatii abiddaan ishee gubna"* jedhanii mar'ichuun dhufanii isaan keessaa humna qabeessa kan ta'e nama **Taawufaaniyaa** jedhamu Ayihuudoota keessaa filamee dhuka siree reenfi (foon) giiftii keenya irra jiru yeroo qabatu ergamaan waaqayyoo billaa abiddaan harka isaa lamaan waan kuteef dhuka sirichaa irratti rarra'anii hafan.

Haa ta'u malee Taawufaaniyaan gocha rawwatetti gaabbee gara giiftii keenyaatti waaan kadhateef harkoonni isaa jalaa citan akka duraanii **ta'aniiru**. raajii isheetiin bakkeetti **deebi'aniiru**. Yeroo kana ergamaan Waaqayyoo reeffa (foon) ishee duuka bu'aa yohaanis waliin fudhatee gannata keessa **Biqiltuu Jireenyaa** jala kaa'e.

Qulqulluun Yohaannis guyyoota muraasa booda gara duuka bu'ootaatti yeroo dhufu foon(reeffi) giiftii keenya gannata keessa jirachuu isaa itti hime. Duuka bu'oonnis foon (reeffa) giiftii keenya argatanii awwaluuf hawwii fi fedhii qaban irraa kan ka'ee hagayya 1 subayee jalqbanii kadhachaafii soomaa erga turanii booda guyyaa 14 ffaatti (dhuma subaayee lammaffaa irratti) gooftaan keenya foon (reeffa) giiftii keenyaa ho'aa isaa fidee waan itti kenneef **faaruu, galataafi kadhannaa guddaa** dhageessisaa fudhatanii gara Geetesemaanii bakka awwaalcha duraan qophaa'etti geessanii awwaalan.

Sirni awwalcha giiftii keenyaa yeroo rawwatametti duuka bu'oota kudha lamaan keessaa tokko kan ta'e qulqullichi **Toomaas** achi hin turre waan ta'eef yeroo inni kutaa lallaba isaa kan ta'e **Hindii** duumessaan fe'amee gara Iyyeerusaalemitti dhufu giiftiin Kenya guyyaa 3ffaa isheetti akkuma ilma ishee kaatee **yeroo ol baatu** itti dhufe (argate). Yeroo sanatti du'aa ka'uu ishee duuka bu'oonni biroon arganii inni qofaan hafe itti fakkaatee dallanuun duraan du'aa ka'uu ilma kee amma immoo du'a ka'uu kee hin argine jedhee gadduu irraa kan ka'e duumessa irraa of darbachuu barbaade. Yeroo kana giiftiin keenya isa malee duuka bu'oonni biroon du'aa ka'uu ishee akka hin argine itti himtee qulqulluu Toomaas jajjabeessite deemees obboloota isaa kan ta'an duuka bu'oota hudaatti akka himu isa ajajje. Mallattoo fi ragaa akka isaaf ta'u kafana ittiin kafanamte itti kennuun ergamootaan marfamtee galaateeffamaa gara samiitti ol **baateetti**.

Duuka bu'aan qululluu Toomaas bakka duuka bu'oonni jiran gara Iyyeerusaalem yeroo gahu giiftii keenya awwaallee jirra jedhanii itti himan. Innis beekaa icciitii isaa qabatee hin ta'u duuni amajjii awwaalchi hagayya akkamitti ta'a jedheen. ati immoo duraanis du'aa ka'uu gooftaa shakkite ammas hin amantuu jedhanii hooggansa qulqulluu Pheexiroosiin osoo gara bakka awwalcha giiftii keenyaa geessanii yeroo itti agarsiisuuf boolla awwaalchaa banan reeffa giiftii keenya dhabanii ni rifatan. Yeroo kana qulqullichi Toomaas na hin amantani jedheeni malee giiftiin keenya du'a kaatee ol baateetti jedhee wanta ta'e hunda erga iti himee booda ragaa akka ta'uuf kafanii ittiin kafanamte itti agarsiise. Isaanis kafana kana cicciiranii erga qoqqooddatanii booda gara kutaa lallaba isaaniitti deemaniiru.

Waggaa itti aanu Toomaas du'aa ka'uu kee argee nuyiin akkamitti nutti hafa jedhanii hagayya 1 eegalanii subayee galan dhuma subaayee kanaattis hagayya 16 gooftaan keenya kadhannaa isaanii dhagahee giiftii keenya teessoo, qulqulluu Pheexiroos luba gargaaraa, qulqulluu Isxifaanoos dursaa daaqonii taasisee eebbisuun hundamaa ergaa fooniifi dhiiga isaa kenneefii booda ol ba'uu giiftii keenyaa itti agarsiisee jira. Du'aa ka'uu fi olba'uun giiftii keenya qulqulleetii durboo Maariyaamii raajii raajjotaatiin kan himame ture. (Faar. 131:8 Weedduu 2:10-15).

BOQONNAA SADII

DUBBII MAARIYAMII DUBBII FAYYINAA KEESSATTI

"Dubbii fayyinaa" yeroo jennu sababii cubbuutiin kan kufee fi kan hiyyoome ilmi namaa kufaatii fi du'a isarra ga'erraa guutummaan guutuutti bilisa ba'uun isaa fi kabaja dhabee ture argachuun isaa jechuunis murtiin du'aa itti murtaa'ee ture kan irrraa haqame ta'uu du'arraa gara jireenyaatti bitamuu irraa gara bilisummaatti garbummaadhaa gara mucummaatti si'olii gara gannataatti ce'uu isaa dubbachuudha. Kunis waaqayyo keenya giiftii Kenya qulqullettii durboo Maariyaamii irraa foon fudhateen oolmaa guddaa nuuf rawwateenidha. Kanafuu fayyina namootaa keessatti iddoo gudda qabattee kan argamtu waa'ee giifti keenya mata duree kana irratti gahee guddaa qabatee kan argamtu waa'ee giiftii keenya mata duree kana jalatti ni ilaalla. Abbootiin " dubbiin ka'umsa qaba" akkuma jedheen mee waadaa addaam irraa haa eegallu.

3.1 Waadaa Addaam

Waaqayyo mootiin keenya sirna uumamaa **bakkee hin jirree gara jireenyaatti** fidee gaarummaa isaatiin yeroo isaan uumu mataa uumama hundaa kan ta'e nama (**Addaam**) dha. Sababni isaas akka bifaa fi fakkeenya isaatti waan uumeefidha. Erga uumee boodas **seera** tolcheefii jira; isheenis seera ajajamuu isaa agarsiiftu, mallattoo eegumsa isaa agarsiiftu biqltuu **balas** akka hin nyaanne ajajuudha.

Seera kana waggaa **7; ji'a 1 fi guyyaa 17f** eegee erga jiraatee booda gorsa daabiloosiin gowwamfamee waaqummaa hawwaa biqiltuu balas yeroo nyaatetti"**dhugaan kan murteessu, qajeelummaan kan hiiku**" kan ta'e waaqayyo keenya **du'a du'aa ni duuta** jedhee itti hime, murtee isaas itti murteesse gannataas isa ari'e. Abban keenya addaamis ergaa gannataa bahee booda Waqayyyoon gonkumaan akka miidhe beekee **gaabbii** gale. Gumaa qamadii dhiiga isaa waliin waliitti makaa Waaqayyoof aarsaa godhee dhiheesse. Waaqayyo mootii fi gooftaan keenyas kana siif fudhadheera. addunyaan kan fayyu dhiiga keetiin osoo hin taane dhiiga ilma kootiinidha. **Yeroo guyyaa 5 fi walakkaan rawwatamu mucaa mucaa keerraa dhaladhee du'a fannoorraatiin sin fayyisa** jedheenii jira.

Addaam lafa hin tuqamnee fi qulqulluu taate irraa dhalate. Garuu cubbuu hojjechuun kufe, du'aafis bitame. Dhufaatiin kiristoos inni guddaan Addaamiin bilisa baasuuf,

akkasumas ofii isaa Addaamiif/addunyaaf beenyaa kaffaluuf ture. Durba qulqulleettii/cuubbu hin qabne irraa dhalatee fayise. Addaam lafa hin abaaramne/qoraattii(qoree) hin biqilchine irraa dhalate. Lafti erga namni uumamee abaaramte.

Kiristoosiin kan deesse Maariyaamiinis abaarsi addaam ishee hin qaqqabne. Daddarbaa cubbuu irraa bilisa.

Waadaa Addaam kanaan mucaa kee kan jedhamte giiftii keenya qulqullleetii durboo **Maariyaamiidha**.

Abban Hiriyaaqoos sirna qulqulleessaa isaatiin "**yeroo gannataatii ari'ame abdii Addaam kan turte si'idha**" jedheenii jira. Guyyaa shanii fi walakkaa kan jedhame bara kuma shanii fi dhibba shanidha. Kuni raawwachuu isaas qulqullichi Phaawuloos yeroo mirkaneessuu akkas jedhee jira.

Haa ta'u malee barri dhumaa yeroo gahetti Waaqayyo dubartii irraa kan dhalate, seeraa gadittis kan dhalate ilma isaa erge (Gal. 4:4)

- Bara dhumaa kan jedhe bara kuma shanii fi dhibba shaniiini.
- Dubartii jedhee giifti keenya qulqulleettii durboo **Maariyaamiidha**
- Ilma jedhee waaqayyo ilma Iyyaasuus Kiristoosiin kaaseera.

Beenyaa Hewaan/Ye hewaan Kaasaa

Hewaan dogoggoruu dhala namaaf sababa

Du'aaf sababa taate, abaarsi nama irra ga'e

Firii isheen nuu kennite du'a kan namatti fidu, jannataa kan nama ariisise/su ture.

Kanaaf dhaloonni hunduu ishee abaaraa jiraate

Durbee Maariyaamiin hoo?

Hewaan ishee lammaffaa jedhamuun kan beekamtu Maariyaamiin sababa fayinaa nuuf taate.

Firiin isheen nuuf kennite/firiin garaa ishee nyaatamee, dhugameejireenya bara baraa kan namaaf kennisiisu dha.

Dhaloonni ishee galateeffata. Luq.1:48

"Sababa Hewaan balballi jannataa cufamee lammaffaa sababa Maariyaamii nuuf baname….." (Qul. Efreem isa Sooriyaa)

Hewaan Diyaabiloosiin gowwoomte, cubbuu dhala namaatti fidde, Maariyaamiin garuu Ergamaan Gabri'eeliin sagaleen misiraachoo itti himame, jireenya kan ta'e kiristoosiin deesse.Duuti sababa dubartii gara addunyaatti dhufe sababa dubartii mo'ame.
Icciitii armaan olii yoo amanuu dhiisne kabajni dubartootaa deebi'uu isaa hin amannu, Hewaaniif beenyaan kaffalamuu isaas hin amannu jechuu dh

3.2 Cubbuu Duraanii

Cubbuu duraanii jechuun cubbuu dhaalaan darbaa ture jechuudha. Kunis cubbuu Addaam irraa kan ka'e nama tokko irraa gara isa biraatti sanyiin kan dhaalamu kan namarraa adda hin baanedha. Haati keenya qulqulleettii durboo Maariyaamiin garuu kana hundurraa jechuunis cubbuu dhaalaan darbu irraa Waaqayyo afuurri Qulqulluu ishee eegee jira. kanas raajichi Isaayiyaas yeroo nuuf mirkaneessu akkas jedheera (Isa 1:9) waaqayyo hunda mo'u osoo sanyii nuuf hambisuu baatee akka Sadoom osoo taanee Gamoraas osoo fakkaannee ture jechuun akkuma dubbate giiftiin keenya qullulleetti durboo Maariyaamiin ogummaa waaqayyootiin garaa haadha isheetii kaastee cubbuu Addaamiin kan dhufe abaarsa foonii fi abaarsa lubbuu irra eegamtee kan jirtu sanyii qulqulleetti ta'uu ishee raajiin dubbatameefii jira.

Raajichi Isaayiyas raajiin inni dubbate giifti keenyaan kan rawwatame jechuunis abaarsa foonii fi abaarsa lubbuu kan hin qabne ta'uu ishee qulqullichi Gabri'eeliin waaqayyo biraa ergamee dhufee ragaa bahee jira. kennaan kan guutamte yaa gammadduu gammadi gooftaan si waliin jiraatii dubartoota keessaa filatamtee kan eebbifamtedha. Luq 1:28 jechuudhaan ergamaan raga baheera.

Ragaalee kanneen kan raajicha Isaayiyaasii fi kan qulqullicha Gabri'eelii qabachuun abbootii qulqullaa'oo baay'een ***qulqulleettii durboo Maariyaamiin ogummaa waaqummaatiin abaarsa lubbuu irraa eegamtee kan turte*** jedhanii sanyii qulqullooftuu ta'uu ishee bal'inaan raga bahanii jiru.

Beektota keessa qulqulluun **Yaareedis** barreeffama isaa digguwaa keessatti akkas jedhee jira ***Maariyaamiinis durii jalqqabdee amala Addaam keessatti akka mi'a adii ni ibsiti*** jedha. Digguwaa fuula 379. kana jechuun amala miidhagaa kan qabu Kirsitoosiin durbummaan ulfooftee durbummaan kan deesse **galmee haarawaa** kan jedhamte giiftii keenya qulqulleetti durbo Maariyaamiin Addaam hin nyaatiin biqiltuu jedhamee nyaachuu isaatiin abaarsa foonii fi

abaarsa lubbuu itti dhuferraa ogumama gooftaatiin eegamtee kan turte ta'uu ishee yeroo ibsu *akka mia'a adii ni ibsiti* jedheera.

Icciitiin isaa mi'a adii kana garba boora'aa keessatti osoo gataniillee garbi boora'e sun qulqullummaa ishee osoo hin jijjiiriin garba boora'aa keessaa oso jirtuu iftee akkuma mul'attu hundaa qulqulleettiin durboo giiftii Maariyaamiinis akkuma mi'atti ajaja darbuu Addaamiin kan dhufe abaarsi foonii fi abaarsi lubbuu ogummaa Waaqayyoon eegamtee qulqullummaan dhaabbattee kan argamte ta'u ishee beektichi qulqulluun Yaareed seeran ibsee jira.

weedduu 4:7 yaa jaalalleekoo waanti hundi kee miidhagaadha mudaas hin qabdu

Oggeessichi Salamoon Afuurri qulqulluu waa'ee giiftii keenya akkuma isaa ibsetti waanti hundi kee miidhagaadha mudaas hin qabdu jedhee dubbaateera. Yeroof bifa qaaama bareedaa waliin walsimsiiftee argamuu isheetiin kun himameetii jira. Dhumni isaa garuu abaarsa foonii abaarsa lubbuu cubbuu duraanii kan hin qabne qulqulleettii ta'uu ishee jecha ijoo hubachiisudha.

3.3 Giiftiin Keenya Qulqulleettii Durboo Maariyaam Tajaajila Dhaloota Gooftaa Irraa Hanga Qaraaniyootti Taasifte

Giiftiin keenya qulqulleetti durboo Maariyaamiin Waaqayyoon filatamtee haadha akka taatu bu'uura raajii raajjotaan dubbatameen Waaqayyoon addunyaa fayyisuuf yeroon beellama isaa ennaa gahu qulqullu Gabri'eelii gara giiftii keenyatti erge.

Isheenis jirbii fi warqii walisimsiiftee osoo footuu huccuu isaa hiika hidhachaa kabaja isheef ta'u kenneefii ishee galeteeffachaa Waaqayyoof haadha akka taatu filatamuu ta'uushee ishee itti hime. Isheenis ani dhiira osoon hin beekiin kun akkamittii naaf ta'a? jettee gaafatte. Innis " Waaqayyoof wanti dadhabamu hin jiru" jedheen. giiftiin keenyas ani tajaajiltuu Waaqayyooti akkuma jecha kee naaf haa ta'u jetteen. Yeroo kana qaamni sagalee gooftaan keenya, waaqayyo keenya fayyisaan keenya Iyyasuus Kiristoos amala abbaasaa Abbaa irraa amala jireenya isaa Afuura Qulqulluu irraa osoo adda hin ba'iin qaama isaa adda ta'een foon isheerra foon lubuu isheerra lubbuu fudhatee guyyaa garaatti hafuu ta'eera. Luq 1:26.

Tajaajilli giiftii keenya qulqulleetti durboo Maariyaamii asirraa egala. Waaqayyoon addunyaa fayyisuuf yeroo jaallatetti **tole jettee** giiftiin keenya eeyyamuu isheetiin isheerraa nama ta'ee jiraatii.

Abbootiin keenya dubbii Maariyaamii keessatti akkuma barsiisanitti giiftiin keenya yeroo mana qulqulluumma turtetti kitaaba Isaayiyaas yeroo ilaaltetti raajii **Isa 7:14** irratti durboon durbummaan ulfooftee durbummaan ni deessi maqaa isaas Amaanu'eel jechuuni ni moggaafti kan jedhu yeroo dubbistu ***osoon bara durboo kanaa qaqqabee qoraan cabseefii bishaan waraabaafii garbittii ta'eefii osoon ishee taajaajilee*** jettee hawwiti ture. Waaqayyo mootiin keenyas gad of qabu ishee kana ilaalee taajila kana caalu haadhummaadhaaf ishee filate. Isheenis durbummaa gonka ta'een ulfootee durbummaa gonka ta'een deessee jirti.

Gooftaan keenya yeroo dhalatetti namoonni ogummaa kennaa gooftaa keenyaaf ta'u harka fuudhiif qabatanii baha fagoo dhufuu isaanii ilaalee mootichii bara sana ture Heeroodsi gooftaa keenya ajjeesuuf goomiidhaan irratti ka'e. yeroo kana ergamaan waaqayyoo maanguddicha Yooseefitti abjuun mul'atee mucaa haadha isaa waliin fudhatee gara biyya Gibtsitti akka godaanu isa ajaje. akkuma waaqayyo irraa irraa ajajametti giiftiin keenya qulqulleetii durboo Maariyaamiin mucaa ishee fayyisaa addunyaa Iyyaasuus Kirsitoosiin qabattee waggaa 3 fi baatii 6f gammoojjii Gibtsi keessa joortee jirti. bara rakkinaa kanatti mucaa isheef jecha beelofteetti, dheebottettti, saamtonni ishee naasisaniiru; gidiraa garaa garaa baay'ee argitee jirti.

Giiftiin keenya qulqulleetti durboo Maariyaamiin yeroo kana tajaajilli ishee gidiraa arguun ture. Wangeelli qulqulluu akkuma raga bahu Maat: 2:13-19, Mul 12:1. Achiis Heeroodsi hammeenyumma isaa faana erga du'ee booda ergamaan Waaqayyoo Manguddicha Yooseefitti abjuun mul'atee lubbuu mucaa warri barbaadan waan du'aaniif "mucaa fi haadha isaa qabiitii gara Iyyerusaalemitti deebi'i" jedhee ajaje. isaaanis:- jechuunis **giiftiin keenya, gooftaa keenya, Yooseefii fi Salomeen** gara Iyyerusaalemitti deebi'anii jiru. Iyyerusaalem bakka Naazreet jedhamutti giiftiin keenya qulqulleetttii durboo Maariyaamiin gooftaa keenya achitti guddiftee jirti. Mat 2:22-23 Luq 1:51-52. Beektichi qulqulluu **Atinaatewoos** amantii abbootii kitaaba jedhu irratti kana caalatti yoo dubbatu akkas jedhee jira. ***Durboon dhiira osoo hin beekiin foon inni uffachuuf uumame kan ulfoofte deesse. cubbuu malee, ciniinsuu malee deesse, hojiin haadha deessuu (araasummaa) ishee hin agarre. Dadhabbii fi nuffii malee guddifte***

dadhabbii malee hoosifte. Fooniif kan ta''u maalan ladhaaf, maalan obaasa osoo hin jedhiin guddiste. Amantii abbootii fuula 86:19

Giiftiin keenya qulqulletti durboo Maariyaamiin bara barsiisummaa isaa gooftaa keenya irraa adda hin baane. wangeela qulqulluu keessatti "raajii isa jalqabaa" jedhamee kan galma'ee raajiin rawwatame araarsumma giiftii keenyattiini. kunis **jijjiiramuu bishaanii gara wayiniitti**dha. Yoh 2:1-11. Dhumarrattis fayyisaan keenya Iyyasuus Kiristoos fayyina addunyaatiif fannoo irratti yeroo fannifamettis isheen fannoo jala turte. Booyicha laphee nama gubu booyaa gaddaa turte ishee waliin salomeefaa Maariyaam isheen magdaalaawiitifaa, dubartoonni biroos duuka bu'oota isaa keessaas qulqullichi waangeellawwiin Yohaannis dhabaatanii waliin boowu ture. Gooftaan keenyas giiftii keenyaan Yohaanisiin **kunoo mucaa kee** jedheen, duuka bu'aasaa Yohaanisiin immoo durboo maariyamiin **kunoo haadha kee** jedheen. duukaa bu'aan yohaannisis gara mana isaatti fudhatee gale. Yoh 19:26 akkasitti yeroodhaaf Yohaannis sababeeffachuun giiftiin keenya duuka bu'ootaaf haadhummaan kennamuu ishee fi isheenis ijjoollee kennaa ishee godhattee fudhachuu ishee agarsiisa.

Dhumni isaa garuu nuyi hundi keenya ijjoollee kennaa taanee giiftii keenya qulququlleetti durboo Maariyaamiif kennamuu keenyaa fi nuyi hunda keenyaaf giiftiin keenya qulqulleetti durboo Maariyaamiin haadha kennaa araarsituu taasisee kennuu isaa jecha agarsiiisudha.

Duuka bu'oonnis du'aa fi du'aa ka'uu gooftaa akkasumas guyyaa 40ffaa isaatti erga ol bahee booda gooftaa keenya, fayyisaa keenya Iyassuus Kiristoos irraa abdii isaa akkuma dhagahaniin Afuura qulqulluu fudhachuuf mana haadha Maarqositti balbala cufanii ennaa kadhatan giiftiin keenya isaan waliin akka turte qulqulluun Luqaas kitaaba hojii ergamootaa irratti raga baheera. Hojii erg 1:14 Isaan kun hundi dubartootaa fi hadha Iyyasuus Maariyaam akkasumas obboolota isaa waliin laphee tokkoon ta'anii kadhannaaf ni cimu (tattaafatu) ture". Akkuma jedhu duuka bu'oonnis Afuura Qulqulluu fudhatanii isa lallabuuf gara biyya itti barsiisaniitti yeroo saffisan giiftin keenya isaan irra adda hin baane ture. Beektichi abbaa **Giyoorgiis** inni **Gaasiccaa** barreeffama isaa sa'aataat keessatti ***duukaa bu'ootaaf kabjni lallaba isaanii si'idha*** jedheera.

Tajaajjilli giiftii keenya qulqulleetii durboo Maariyaamii armaan olitti eerre akka seensaatti ibsine malee tajaajilli giiftii keenya qulqullettii durboo Maariyamii raajota, duukaa bu'oota

qulqlloota hunda caalaa amantii guddaadhaan jaalala haadhumaa waliin waaqayyo keenya haadha tajaajiltedha.

3.3.1 Araarsummaa Giifti Keenya Qulqulleettii Durboo Maariyaamii

Araarsummaan giiftii keenya qulqullleettii durboo Maariyaamii akka keessummaa tasa dhufe akka wanta eessaa dhufteen isaa hin beekamneetti kan dhufe miti. Raajiin kan dubbatameef fakkeenyi kan fakkeefameef kakuu haaraa keessaa haala qabatamaa ta'een ibsamee jira.

Fknf. **Uum.7 "**Bara bishaan badinsaa Noohii fi maatiin isaa akkasumas beeyladoonnii fi bineensonni doonii keessa jiraachuu isaanitiin bishaan badii irraa fayyaniiru. Doonii ala uumamtoonni turan garuu badanii jiru kunis fakkenyadha doonii keessa turanii lubbuuwwan fayyan araarsummaa fi waadaa giiftii keenyaa amananii kan fayyan yoo ta'u doonii ala ta'anii kan badan araarsummaa giiftii keenyaatti kan hin amanne kan badan fakkenya shakkitoota, bishaan badii fakkeenya si'oolidha. ararsummaan giiftii keenya fakkeenya kanaan akka ibsame qalbeeffadhaa.

- Raajichi qulqulluun Daawwit, **faar 44:9** irratti "huccuu warqee uffattee fi haguuggettee mootiittiin (giiftiin) mirga keen ni dhabbatti" jechuun isaa;
  - Mootittiin deessuun Waaqayyoo qulqullummaan miidhagdee kabaja ati kenniteetiin mirga ilma Waaqayyoo (aangoo) araarsituu cubbamtootaa taatee abukaattoodhaaf akka dhaabbattu kan hubachiisu jecha raajii dubbatamedha.

Egaa armaan olitti ilaaluuf akka yaalametti araarsummaan giiftii keenyaa qulqulleettii durboo Maariyaamii raajii fi fakkeenyaan kan dubbatamedha.

Walumaagalatti araarsummaa yeroo ilaallu hiikni isaa kan kadhatu, kan araarsu jedhuu yoo ta'u garee lama jidduutti argamuun isaa tokko kan biraaf kan kadhatu jechuudha. Karaa amantiitiin yoo ilaallu immoo kan kadhatamu Waaqayyo yoo ta'u kan nuuf kadhatan Waaqayyoon kan waamamanii fi kan filataman qulqulloota hunda. keessumaayyuu giifti keenya qulqulleettii durboo Maariyaamiidha. Araarsummaan kan ajajamee fi kan eeyyamame kan barbaachiseef waaqayyo kadhannaa cubbamootaa caalaa kan qulqullootaa kan giiftii keenyaa calaatti waan dhagahuuufidha **Faar. 33:15** Iji Waaqayyoo gara warra qulqullootaa gurri isaas gara iyya isaaniiti. Akkuma jedhu.

Araarsummaan kennaa gaarummaa Waaqayyooti. Sababni isaas naamusni isaanii dadhabaa fi kadhannaan isaani akka fedhasaa kan hin taane cubbamoonni fedhii isaa warra beekanii fi hojii gaari hojjetaniin kan durooman qulqullootaan akka gargaaraman gochuun argsiiftuu hojii gaarummaa isaati. uumama 20:1-7 " inni raajaadhaatii isiniif ni kadhata atis ni fayyitaatii" akkuma jedhu.

Mootichi Geraaraa Aabemelek dogoggora raawwateen Waaqayyoon mufachiisuu isaatiif dhiifama akka argatuuf kan ergame gara qulqulluu Abrihaamittidha. Qulqulloota abbootii keenyaaf aangoon hanga kanaa kadhatanii araarsuu yoo kennameef haadha Waaqayyoo giiftii keenya qulqulleettii durboo Maariyaamiif immoo akkamitti qabeenya araarsummaa kana caalu hin kennineef. sababni isaa kennaan kan guutamtedha. ***Luq 1:28***.

Giiftiin keenya kabaja haadhummaa fi waadaa araarsummaa ilmaa ishee gooftaa keenya faayyisaa keenya Iyyasuus Kiristoos irraa kan fudhatte mana cidhaa **Qaanaa zegaliilaatti** ilmi ishee fayyisaan addunyaa Kiristoos bishaan gara wayiniitti jijjiiree raajii isa jalqabaa kan raawwate araarsummaa giiftii keenyaatiin ta'uun isaa kan amanamudha. Yoh 2:1-11. Haati deessee argamsiisuu qofa osoo hin taane mirga ilma ishee ajajuus ni qabdi. keesumattuu deessuu Waaqayyoo (haadha Waaqayyoo) iccitiin ta'u ishee inni guddan hojii fayyisuu isaa kessatti qooda fudhachuu jechuudhaatii. kanarraa kan ka'e abbootiin "**kadhaannaan haadhaa fuula hin deeffachiisu mormas hin cabsisiisu yoo ta'e tolaan ta'u baatu dirqaman"** jedhu. kanaaf waada fi araarsummaa giiftii keenyaa jireenya keenya keessatti itti fayyadamuu barbaachisaadha.

BOQONNAA AFUR

KABAJA DURBEE(KIBIRA DINGIL)

4.1.Haadha Waaqayyoo Ta'uushee

Giiftiin keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam haadha waaqayyoo akka taate macaafa qulqulluu keessatti mirkanaa'eera.Raajii Waaqayyoo Qulqulluun Isaayyaas raajii isaa keessatti "***Mucaan nuuf dhalatee, ilmis nuuf kennameera, humni mootummaasaa gateettii isaa irra in jira, maqaan isaas Gorsaa Ajaa'ibaa, Waaqa Jabaa, Abbaa Bara Baraa, Mootii Nagaa in jedhama***." Isaayaas 9:6 jedhamee kan dubbatameef amalummaan Waaqayyo kan **Iyyasuus Kiristoosi**dha.

Bakka biraattis raajichi Isaayyaas "Durbi durbummaadhaan ulfooftee ilma in deesse, maqaan isaas Amaanu'eel in jedhama" Isa 7:14 "Amaanu'eel" jechuunis, akka ergamaan Waaqayyoo hiiketti waaqayyoo foon keenyarraa foon lubbuu keenyarraa lubbuu fudhatee nama ta'e jechuudha. kunis waaqayyoo amalummaa durbummaadhaan ulfooftee; durbummaadhaan kan deesse Giiftii keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaamiidha. Kanaaf **Haadha Waaqayyoo** jedhamuun isheef mala. Maatewos 1:23.

Qulqulleettii Elsaabeexis Hafuura Qulqulluun guutamtee Dubroo Maariyaam Haadha Waaqayyoo ta'uu ishee yommuu dhugaa baate, "**Haati Gooftaa koo gara koo dhufuun akkamitti naaf ta'aa?" jetteetti Luqaas 1:43. Dubroon Maariyaam haadha Waaqayyoo Ilmaa, jecha qaama yeroo duraa tureeti. Yohaannis 1:1-14. Ishee irraa kan dhalate Iyyesuus Kiristoos waaqayyoodha. Hojii Ergamootaa 20:80.**

Kakuu moofaa keessatti raajonni "Gooftaan akkas jedha" jedhanii kan dubbatan **Iyyesuus Kiristoos**iin kan raawwatamuusaa **Iyyesuus Kiristoos** amala waaqummaa kan mirkaneessuudha. Iyoob 2:32, Hojii Ergamootaa 2:21-38, Roomaa 10: 9-13, Isaayaas 40:3, Maarqos 1:1 -3 Isaan kana eeruun qofti gahaadha.

Akkasumas, Angafa Phaaphaasii Iskindiriyaa abbaan keenya qulqulluu Qeerloos "***Amaanu'eel Waaqayyoo amalummaaa ta'uu isaa, dubree qulqulleettiin Waaqayyoon akka deesse, jeha waaqayyoo ilmi isheerraa nama akka ta'e kan hin amanne yoo jiraate kan adda ba'e haa ta'u jechuun erga arrabsanii booda nuuf jecha nama kan ta'e jecha waaqayyoo kan nuuf deesse***

qulqulleettii dubroo Maariyaamiin haadha waaqayyoo ittiin jennaa" jedhan.**Ha. Abew** fuula 277-305 irratti.

4.2. Qulqullummaa Ishee

Giiftiin keenya hunda caalaa Haadha Waaqayyoo waan taateef uumamtoota hunda caalaa ulfina qabdi. kunis waaqayyoo biraa kan kennameef qulqulleettii qulqullootaa, kan filaman caalaa kan filamte jedhamte. Waaqni keenya ani qulqulluu akkuma ta'e isinis qulqulluu ta'aa jedhee Lewwoota 19:2 irratti akkuma dubbate fakkeenyasaan kan uume dhalli namaas qulqullummaadhaan hordofuun dirqama amantii dhala namaati.

Addunyaa kanaa keessaatti Qulqullootaa abbootaa fi qulqulloota haadhota keessaa kan akka Giiftii keenya ayyaanaan guutame, qulqullummaa fi miidhaginaan faayome, bultoo Hafuura Qulqulluu kan ta'ee fi namummaa waaqayyoon irra bule kan qabu hin jiru. Luq 1: 28-36 ..

Jechuunis Giiftiin keenya haadha Waaqayyoo ta'uuf kan filatamte durba ta'uusheetiin lapheen yaaduudhaan, arrabaan dubbachuun, gochaan raawwachuudhaan qulqulleettii fi eebbifamtuudha. kanaaf isheen ofumasheetiin Haati Waaqayyoo akkuma Wangeelaa keessatti dubbatte, dhaloonni hundinuu qulqulleettii anaan jedhu Luqaas 1:48 jette, ."Eebbifamtuu Qulqulleettii" jechaa ishee ni jajachaa jiraatu.

Dhalli namaa sababa cubbuutiin qulqullummaasaa osoo hin dhabin dura qulqullummaan foonii, lubbuu, yaadaa, dubbii, gochaa hammam akka ture qulqullummaa haadha keenya dubroo Maariyaam irraa hubatama. kunis haadhi keenya uumaa sheerraa kan kennameef keennaa guutuu akkasuma dubbii afaan isheetiin illee qulqllummaafi miidhaginni isheen qabdu hundi gonka waan ta'eefiidha.

Giiftiin keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam, Waaqayyoon durbummaan ulfooftee durbummaan kan deesse, cubbuu sanyii Addaam irraa (xint abbisoo) daddarbuun dhufe, kan ishee hin arganne abaarsa foon fi lubbuu kan hin qabne osoo hin dhalatin qalbii Waaqayyoon yaadamaa kan jiraatte mmuuxannoo fi amala namaatiin ka raawwatu yaadaa fi fedhii foonii irraa kan eegamte kan filataman keessaa kan filatamte qulqulleettii qulqullootaa isheen eebbifamtuudha. Weed. 4:7.

Qulqullummaa isheetu bultoo waaqummaa akka taatuuf kan ishee taasisee fi Waaqayyoon akka

deessu ishee taasisedha. Abbaan Hiriyaaaqos qiddaasee isaa irratti "Waaqayyo Abbaan samii keessa taa'ee, gara bahaa fi dhihaa, kaabaa fi kibba qarqara hundumaa ilaale Nama akka kee hin arganne. Qulqullina kee jaallate. Dhiiga kee jaallate. Ilma isaa jaallatamaa siif erge." Jedheera.

Mootichi Daawit Faarfannaa 131:13 irratti "Waaqayyo Tsiyooniin bultoo isaa akka taatuuf filateera" jedheera.Kun jecha humna guddaa qabuudha, Waaqayyo Giiftii keenya haadha godhatee akka filatee qulqullummaa foonii, lubbuu fi yaadaan akka ishee miidhagse kan ibsudha

4.3 Durbummaa Ishee

Qulqulleettii Durbee Maariyaam kan filaman keessaa kan filamte, kan kabajaman keessaa kan kabajamte kan ishee taasise chaappaa durbummaan ishee osoo hin jijjiiramne Waaqayyoon durbummaadhaan ulfooftee durbummaadhaan da'uusheeti. Maatewos 1:18-20.Giiftii keenya Qulqulleettii Durbee Maariyaam gooftaa ulfaa'uu isheen dura, yeroo gooftaan garaa isheetti hafe, akkasumas erga gooftaa ulfoofteen booda; gooftaa da'uusheen dura, yeroo gooftaa deesse, erga gooftaa deesseen boodas **durba. Haati keenya** dubartoota biroo irraa adda baatee, erga Waaqayyo ishee uume, yaada, dubbii fi gochaan qulqulleettiidha.

Jechi "durba" jedhu qulqullummaa ishee qofa osoo hin taane, adda ta'uu ishee kan agarsiisudha. Dubartoota addunyaa kanarra jiran keessaa durbi durbummaa fi haadhummaa,; haadhummaa fi durbummaa waliin argatte hin jirtu. Haati keenya durbummaa bara baraa kan qabduudha. Weed. 4:15. Raajichi Isqeelis mul'atni inni arge haati keenya haadhaa fi durba ta'uu isheeti. Hisqi'eel 44:3.

Wangeela qulqulluu keessatti Qulqulluun Luqaas akkas jedheera, Qulqulluu Gabri'eel "gara durba tokkootti ergame, durbi sun immoo Maariyaam jedhamti" jechuun Waa'ee durbummaa ishee Luqaas 1:26 irratti dubbateera. Raajii Isaayyaasis "Kunoo durbi ni ulfoofti ilma deessi ." Isaa 7:14. Jechuun maqaashee amma hojii isheetti **Durba** jedheera.

Hayyoota keessaa qulqulluun **Gorgooriyoos** inni Inzinaazuu waa'ee durbummaa bara baraa Giiftii keenya kana dubbateera. ***"Foon kan hin qabne inni foon isheetti waloomee akkuma nama kamiiyyuu gadameessa ishee keessatti osoo Gooftummaa isaa keessa jiruu ji'a sagal fi guyyaa shaniif murtaa'e. Sana booda gaafa guyyaan dhaloota isaa ga'u karaa hin qoratamneen karaa durbummaa dhalate. chaappaan durbummaa ishees hin jijjiiramne; chaappaa osoo hin jijjiiramin dhalate malee.***" Amantii abbootaa fuula 212.

"***Waaqayyoon kan deesse Maariyaam bara baraan durba ta'uu ishee fi da'uun ishee ajaa'iba hin qoratamne akka ta'e erga deessee boodas durbummaadhaan jabaattee akka jiraatte hubachiisi"*** jechuun abbaan keenya luba guddaa Anxookiyaa qulqulluu **Saawiroos** dubbataniiru. H.A. fuula 375.

Qulqulluun Jaroom barreeffama isaa keessatti gantoota qulqulleettii Dubroo Maariyaam fayyisaa keenya erga deessee booda durba miti jedhaniif deebii kenneera. "***Akkas jedhe, Gooftaan keenya Iyyasuus Kiristoos balbala cufame akkamitti seene? Isa natti himaatii animmoo haati keenya qulqulleettiin dubaroo Maariyaam akkamitti Gooftaa keenya durbummaadhaan ulfooftee durbummaadhaan deesse isinittan hima***" jedhaniiru.(St.Mary in the orthodox concept by Tadros Malaty).

Kanaaf iccitiin durbummaa ishee ajaa'iba sammuu fooniitiin dhaqqabuu hin dandeenyedha. Qulqulluun **Efreemis** raajii Hisqi'eel arge yommuu hiiku "***Isheen akkuma raajichi Hisqi'eel ragaa ba'eef, balbala dinqii ta'e furtuu jabaadhaan kan cufame gooftaa gooftotaa malee eenyuyyuu itti seenee kan ba'e kan hin jirre mana karaa ba'aatiin nan arge kan jedhamte durba fayyisaa keenya deesseedha, fayyisaa keenya erga deessee booda akkuma duraanii durbummaadhaan jiraatteettitii, innis dhufee harka diina keenyaa isa dhiifama hin qabne jalaa nu fayyise Yaa qulqulleettii firiin gadameessa keetii eebbifamaa dha.Ati guutuu kan taatee fi eebbifamtuudha, sababni isaas Waaqa dhugaa abbaa kabajaa gadameessa kee keessatti waan murteessiteef warra lafa kanarra jiraatan caalaatti ulfinni caalu siif mala***" jechuun galatashee guyyaa Roobii irratti galateeffateera'

4.4. Karaalee Durbummaa Durbee Ittiin Ibsaman

Jechi **kabaja** jedhu mallattoo gooftummaa fi olaantummaati Waaqayyo hunda caalaa kabajamaa dha. Ulfinni isaa hojii isaa keessatti mul'ata. Far 18:1, Ba'u 16:7, Isa 6:3.Waaqayyo ulfina qabeessa waan ta'eef haati Waaqayyoo Qulqulleettii Dubroo Maariyaam ayyaanaan kan guutamte waan taateef Waaqayyo ishee wajjin waan jiruuf ulfina qabdi. Luqaas 2:9, 1Qor 11:7, 1Qor 15:41.

Waaqni keenya Fayyisaan keenya Iyyasuus Kiristoos dinqii isaa gaara Taaboor irratti, du'aa ka'uu fi ol ba'uu isaatiin ulfina isaa kan mul'ise Yohaannis 2:11, Maatewos 17:1, 1Phex 1:20 booda dhufaatii isaa isa lammaffaa keessattis ni mul'ata .Kabajni haadha keenyaa immoo kan

mul'ate waaqayyoon durbummaadhaan ulfooftee durbummaadhaan da'uu isheeti. Ulfinni kun adda, sababni isaas ishee malee haati Waaqayyoo kan biraa hin jirtu, kan biraas yoomiyyuu hin jiraattu.

Dura Giiftii keenya kan kabaje Waaqa ol aanaadha.Akkasumas Raajonni karaa Waaqayyo isaanitti mul'iseen ija raajiitiin utuu ilaalanii ulfina ishee dubbataniiru. Qulqulluu Gabri'eel oduu gammachiisaa itti himuuf garashee ergameera. akkasumas Qulqulleettii Elizaabeet Hafuura Qulqulluun dammaqxee haati Gooftaa koo gara koo dhufuun anaaf hin malu jettee ishee kabajteetti. Qulqullichi Yohaannisis mullata isaatiin Ulfina ishee samii irratti ol ka'ee arguudhaan ishee kabajeera. Mul'ata 12:1, Faarfannaa 44:9

4.4.1. Sagada Giiftii Keenyaa

Karaan kabajaa Giiftii keenyaaf qabnu itti argisiisnu keessaa tokko "**sagada Ayyaana/kennaa**" Giiftii Keenyaaf godhamuudha. Namoonni tokko tokko (amantaan ala kan ta'an) "Sagada Ayyaana" Giiftii keenyaaf dhiheessinu akka gocha waaqeffannaa Waaqayyotti qeequ.

Caaffanni Qulqullaa'oon Giiftii ayyaana keenyaaf sagaduun barbaachisaa ta'uu isaa mirkaneessaniiru Isa 49:22. "***mootonni guddisee ijoollee kee ni ta'u,dubartootni warra moototaas ijoollee kee siif ni hoosisu, isaan hamma lafa ga'anitti siif ni qoomma'u, miila kee irraas awwaara ni arraabu.***"jedhee Raajichi Isaayyaas kanaan dura dubbatee ture.

Bakka biraattis raajichi akkas jedheera"***Iddoo miila koo nan cabsa, ijoolleen cunqursitoota kees mataa isaanii gadi qabanii gara kee dhufu, warri si tuffatan hundinuu miila keetti ni sagadu. Tsiyoon siin jedhu***." , magaalaa Waaqayyoo, Qulqulluu Israa'el." Isaayaas 60:13.

Qulqulluun Yohaannis Cuuphaan Kakuu Haaraa keessatti Gadameessa haadha isaa Qulqulleettii Elizaabeet keessa yeroo turetti Hafuura Qulqulluun kan guutame yoo ta'u, yeroo sagalee Giiftii keenya Elizaabeet dhaga'etti utuu inni gadameessa haadha isaa keessa jiruu Gooftaa Iyyasuus Kiristoosiif sagade. Luqaas 1:15, Luqaas 1:39-46.

4.4.2 Galata Giiftii keenyaaf

Mana kiristiyaanaa keenya keessatti faaruu keenyaanis ta'e seera qulqulleessaa keenya keessatti maqaa Sillaaseetti fufnee maqaa Giiftii keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam waamna.

Giiftii keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam kan bara kakuu moofaa keessa, ulfinaa fi kabajinishee ishee raajotaan kan dubbatamaa turte yoo ta'u, kakuu haaraa keessattis Giiftii keenya Dubroo Maariyaam malee, "Gammadi, Gooftaan isin waliin jira, ati dubartoota biratti adda taatee eebbifamtuudha" jedhamee kan galateeffamu hin turre.Luqaas 1:28.

Giiftiin keenya mataan ishee "Kana booda dhaloonni hundinuu na galateeffatu" (Luq 1:48) jetteetti. Kana jechuun dhaloonni Seem, dhaloonni kaam, dhaloonni Yaafeet ati nama gaariidha jedhanii na galateeffatu jechuudha; Dhaloonni kana keessaa bahe hin jiru waan ta'eef.

Waaqni keenya hiriyaa isaa Abrahaamiin "***Saba guddaa si godha, sin eebbisa, maqaa kees nan kabaja. Eebbaaf ta'i, warra si eebbisan nan eebbisa, warra si abaaranis nan abaara" jedhe Gosoonni lafaa hundinuu karaa kee in eebbifamu.Uma 12:1-3***." Maqaan Qulqulleettii Dubroo Maariyaam ulfina akka qabuu fi yoo ishee faarsine eebba akka argannu yoo ishee qeeqne abaarsa akka argannu dubbi waaqayyoo kanarraa barachuu akka dandeenyu dubbateera.

Hayyoota Hafuura Qulqulluun galateeffamanii fi galatni isaanii kitaaba keessatti barreeffame tokko tokko ilaalla.

A. Abbaa Giyoorgis isa Gaasiccaa

"እዊድሰኪ ኦ ድንግል ምልእተ ውዳሴ መጠነ ይከል አፍየ አሰተበፅዕ ዕበየኪ ማርያም" Hiikaa isaa **Yaa Dubroo Maariyaam galataan kan guutamte sin galateeffadha, galata fi guddinni kee arraba kootiin ibsamuu hin danda'u. jedhan.**

"ልሳነ ኪሩቤል ኢይክል አብጽሐ ውዳሴኪ ወአፈ ሱራፌል ኢይፌጽም ነጊረ እበየኪ ማርያም" Hiika: **Afaan kiruubeen galata kee ibsuu hin danda'u, arrabni seraafeelis guddummaa kee dubbatee hin**

fixu (sa'aataatii halkan) hin himu.

“ውድሰት አንቲ በሰፈ ነቢያት ወሰብሕት በሐዋርያት አክሊለ በረከቱ ለያዕቆብ ወትምክሕተ ቤቱ ለእሥራኤል”Hiikaa: **Yaa Giiftii keenya Maariyaam raajotaa fi ergamoota biratti galateeffamta ati abbaa keenya Yaaqoobiif gonfoo eebbaati; Isiraa’eeloota foonii fi lubbuuf of jaja isaaniiti.**

B. Abbaa Hiriyaaqoos

"ኦ ማርያም በእንተዝ ናፈቅረኪ ወናብየኪ እስመ ወለድኪ ለነ መብልዕ ጽድቅ ዘበአማን ወስቴ ሕይወት ዘበአማን” **"Kanaaf Yaa Maariyaam si jaallanna, ol olis si qabna, nyaata jireenyaa dhugaa fi dhugaatii jireenyaa dhugaa kan ta’e kiristoosiin nuuf deesseettaati.**

“ኦ ድንግል ምልዕተ ውዳሴ በመኑ ወበአምሳለ መኑ ናስተማስለኪ” Hiikaa isaa : **Yaa dubaroo galataan guutuu kan taate, fakkeenya eenyuu fi kamiin si fakkeessina?**

BOQONNAA 5

FAKKEENYA FI RAAJII WAA'EE GIIFTII KEENYA

5.1. Fakkeenya Giiftiin keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam Abboota Duraaniin Fakkeeffamte

- **Fakkeenya** jechuun maal jechuudha?

5.1.1. Fakkeenya:

Fakkeenyi:- wanta tokko ifa gochuudhaaf yeroo barbaadamu ibsa raga ta'ee dhiyaatudha.

Fakkeenyi: Wanti tokko osoo qabatamaadhaan hamma dhufutti kan dhiyaatuudha.

Fakkeenyi: Waan akka hin dagatamne taasisa, caalaattis ni ibsa, namoonni akka itti yaadan taasisa. Mammaaksa: Beekaa ogeessa godha, wallaala garuu wallaalummaan itti dukkaneessa.

Kanaafidha Gooftaan keenya fakkeenya namicha sanyii facaasuu erga dubbatee booda, "Namni gurra qabu haa dhaga'u" kan jedhe. Kana jechuun isaa Warri naannoo isaa jiranii fi barattoonnisaa kudha lamaan waa'ee fakkeenyichaa yommuu isa gaafatan, " Iccitiin mootummaa Waaqayyoo beekuu isiniif kennameera, warra ala jiraniif garuu utuu ilaalanii akka hin agarre, utuu itti himamuu akka hin dhageenye, ta'anii cubbuun isaaniis akka hin dhiifamneef wanti hundumtuu fakkeenya itti ta'eera." Maarqos 4:12

Akka seensa armaan olitti waa'ee maalummaa fakkeenyummaa ilaalle, fakkeenyaan fakkeessanii barsiisuu fi isa fakkeessame hiikuun macaafa qulqulluu dha. Bara kakuu moofaa keessa ogeessi

Solomoon macaafa keessaatti kan barreeffaman fakkeenyota hedduu barsiisaa tureera. 1Mootota 4:32.

Kakuu haaraa keessatti Fayyisaan keenya Iyyasuus Kiristoos fakkeenya hedduu barsiiseera. "Fakkeenyaan afaan koo nan saaqadha; erga addunyaan uumamtee kaasee waan dhokatee ture nan dubbadha " jedheen. Faarfannaa 77:1: Gooftaan keenya fakkeenya malee hin barsiisne. ϖ Macaafa Qulqulluu keessatti waa'ee Gooftaa keenyaa, Giiftii keenya, mana kiristaanaa fi kkf fakkeenyi baay'een kan jiru yoo ta'u, namni sammuu qabu hiika isaanii hubachuun itti fayyadama.

5.1.1 Fakkeenya Deessuu Waaqayyoo Yeroo Seera Laphee Bara Kakuu Moofaa

1. Lafa Gaafa Kibxataa S/Uum. 1:12

Galata Maariyaamii kan barreesse abbaan efreem nama biyya sooriyaa kitaaba galata Maariyaamii jedhu kan gaafa kibxataa lakkoofsa 4ffaa irratti "yaa Maariyaam sanyii tokko malee lafti biqilaa garaagaraa biqilchite si'iidha" jedhee jira. Yooma lafti gaafa jalqabaa giiftii keenyatti fakkeeffamteyyuu giiftiin keenya laficha irra ni caalti. Isas lafatti irraa kan arganne nyaata foonii yoo ta'u, giiftii keenya irraa kan arganne garuu mootummaa waaqayyoon kan nama ga'u jireenya nyaata lubbuuti. Yoh. 6:53.

2. Tolummaa Abeel S/Um. 4:5

Abeel tolummaa isaatiin aarsaa qulqulluu dhiyeessuun beekama. Tolummaa isaatii fi qajeelummaa isaaf qajeelummaa isaaf hanga du'aatti ga'eera.

Waaqayyo kan filate qulqulleettii Maariyaamiinis deessuu waaqayyoo taatee kan filatamte tolummaa abeelitti fakkeeffamti.

Abbaan hiriyaaqosis aarsaa abeel kana fudhattee tolummaa isaa ilaalteetti waan taateef giiftii Maariyaamiinis deessuu waaqayyoo taatee kan filatamte tolummaa isheetiini jedhee dhugaa ba'eera.

3. **Doonii Nohi S/Uum. 7:2-23**

Nohi ajaja Waaqayyootiin badiisa dhufaa jiru irraa fayyuuf doonii qopheesse.Innis haati manaa isaa fi ilmaan isaa Seemii fi Yaafet fi haadhotii manaa isaanii fi bineensonni gosa gosa isaanii

irraa filataman hundinuu doonii sana seenanii bishaan badiisaa saana irraa fayyan **Uma 7:2-23**.

"Nohi wanta hin mul'anne hubatee, sodaa Waaqayyoo waan qabuuf amantiidhaan maatii isaa oolchuuf doonii qopheesse. Akkasitti biyya lafaa balaaleffatee qajeelummaa amantiidhaan dhufuuf dhaaltuu ta'e. Ibr 11:7." Akkuma jedhu, Nohi dhaloota isaa keessatti nama qajeelaa Waaqayyo biratti tola guddaa qabu ture.Waaqayyoo wajjin deddeebii isaa waan godhateef waaqayyoo karaa itti fayyu itti agarsiise.

Kanaanis fayyadamee doonii kutaa 3 qabdu keessatti fayyuuf ga'e. Warri doonii Nohitti ni fayyina jedhanii hin amanne badaniiru.Kun egaa fakkeenyadha.Hiikni fakkeenyichaa akka armaan gadiitti ibsama.

- **Dooniin Nohi**:- Fakkeenya Giiftii keenyaati, akkuma Giiftii keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam, Abbaaf Misirroo, Ilmaaf haadha, Hafuura Qulqulluuf galma qulqulleettii taate; **tokkos** haati keenya qulqullummaa foonii, lubbuu fi yaadaatiin kan badhaafamte qulqulleeytii qulqullootaa fakkeenya ta'uu isheetiiti.
- **Nohi**:- Fakkeenya Waaqayyoo, .
- **Bishaan badiisaa:-** Fakkeenya cubbuu guutuu tokkos Fakkeenya si'ool (jahannam).
- **Warra doonicha keessa turanii badiisa irraa fayyan**:- Fakkeenya lubbuuwwan waadaa fi araarsummaa Qulqulleettii Dubroo Maariyaamitti amananii fi araarsummaa isheetiin badiisa irraa baraaramaniiti.
- **Warra afaan doonichaan ala hafanii fi warra badan:-** Fakkeenya lubbuuwwan waadaa fi araarsummaa Qulqulleettii Dubroo Maariyaamitti osoo hin amanin lubbuuwwan cubbuudhaan si'ool keessatti badanii fi baduuf jiraniiti.

Jireenya Nohi isa qajeelaa fi mudaa hin qabne irraa kan barannu, inni gonka tolaa jedhamee raga akka ba'ameefii jira, garuu Waaqayyo keenya fayyina isaatiif doonii qopheessi jedhee yeroo itti himu isa waliin hin falmine amantiidhaan doonii hojjatee bishaan badiisa irraa fayye malee.

4. Sabbata Waaqaa S/Uum. 9:8-15

Sabbatni kun mallattoo dhiifamaati. Gooftaan mataan isaa mallattoo isiniifan kenna; egaa durbi durbummaadhaan ni ulfoofti mucaa ilmaas ni deessi maqaasaas Amaanu'eel jettee ni moggaasti kan jedhame sanaaf fakkeenyaadha. Isa.7:14.

Nuti mallattoo dhiifamaa kennameef sana amantiidhaan fudhatee rakkina foonii irraa akka fayyu sanyii addaam irraa kan yeroo badiin sun sun mallattoo fayyinaa taatee kan nuuf kennmte giiftii Maariyaamiidha.

5. Biqiltuu saabeeq (itsa saabeeq) s/uum. 22:9-13.

- Yisihaaq fakkeenya addaamiif ijoollee isaati.
- Hoolaan sun fakkeenya iyyesuus kiristoosiiti.
- Qarri sun fakkeenya taayitaa ykn aboo waaqayyooti.
- Biqiltuu saabeeq sun fakkeenya giiftii Maariyaamiiti.
- Hoolaan sun hidda saabeeq keessatti qabamee argamuunsaa gooftaan keenya Maariyaam irraa dhalatee fakkeeny fooniin mul'achuusaati. Lolli daangaa ta'ee ture bade warri lafa irraa fi

6. Yaabbannoo Yaa'iqoob S/Uum.28:10-20

- Yaa'iqoob daandii loozaa irratti yaabbannoo inni arge fakkeenya giiftii Maariyaamiiti.
- Dhagaa inni boraafate raajii raajotaan dubbataman sanaan murtooftee fakkeenya argamuu isheetiiti.
- Yaabbannoon sun lafaa gara samii geessee eegumsa namaa fi waaqayyoo gidduu jiru ture. Lolli daangaa bade warri lafarraa fi warri waaqarraa karaa ittiin al quunnaman(wal argan) karaa giiftii Maariyaamiiti.

7. Dunkaana(Godoo) Abrahaam:

Walakkeessa guyyaa balbala dunkaana irra taa'ee osoo jiruu Waaqayyo muka **Maammiree** jalatti itti mul'atee, ija isaa ol kaasee kunoo namoota sadii fuuldura isaa dhaabbatanii arge.Yeroo isaan simachuuf fiigee balbala dunkaana sanaa duratti lafatti jilbeenfate. Akkasis jedhe; kunoo fuula kee duratti surraa argadhee yoon ta'e garbicha kee bira hin darbin. Um.18:1-5.

Qulqulluun Abrahaam lafa kana irraa mana hin qabu ture.dunkaana keessa jiraata. Utuu inni balbala dunkaana dura taa'ee jiruu sillaaseen bifa namaatiin itti mul'ate. Kunoo Isaan sillaasee ta'uu isaanii amantiitiin itti mul'atee waan tureef adda isaatiin gombifamee sagada waaqeffannaa isaaniif sagade. Kabajaan isaan simate. Gara dunkaana ykn godoo isaatti akka seenaniifis isaan kadhate; isaan keessummeesse. Sillaaseen mana Abirihaam seenanii isaaf simatamaniiru.

Barnootaa fi seenaa kana keessatti Giiftii keenya Maariyaam akka fakkeenyaatti akka armaan gadiitti ni arganna.

- **Godoo Abrahaam:-** Fakkeenya Giiftii keenyaati, sababni isaas Sadan Qulqulluun gadameessa ishee keessa waan bulaniiruuti, jechuunis Abbaan jajjabeessuuf; Ilmi akka dhalachuuf(nama ta'uuf) akkasumas Hafuurri Qulqulluun golguuf, kanaaf isheen **bultoo sadan qulqulluu** jedhamti.
- Abrahaam Waaqayyo biratti surraa waan argateef Sadan sillaaseen dunkaanasaa seenanii kan keessummeessifaman. Giiftiin keenyas **bultoo sadan qulqulluu** taatee kan filamte Waaqayyo biratti surraa waan argatteef ergamaan Qulqulluu Gabri'eel ragaa kan ba'e. **luq**. 1:28

5.1.2 Fakkeenya Deessuu Waaqayyoo Bara Seera Laphee Keessatti

1. Biqiltuu Phaaxoos Lalistuu Siinaa Ba'uu 3:1-6

Museen immoo hoolota luba Miidiyaan tiksaa ture. Hoolota gara qarqara lafa onaatti gara gaara Waaqayyoo gara **Kooreebitti** oofee dhufe. ***Ergamaan Waaqayyoo immoo qoree gidduutti labooba abiddaa keessaan isa itti mul'ate. Innis, "Kunoo, mukti sun maaliif hin gubanne?" jedheen. Waaqayyos labooba abiddaa keessaan "Yaa Musee, Yaa Musee jedhee waame. Museenis kunoo asin jira " jedheen. Innis, "Iddoon ati dhaabbattu qulqulluu waan ta'eef, asitti hin dhihaatin Kophee miilla kee baafadhu " jedheen. Ani immoo Waaqa abbaa kee, Waaqa Abrahaam, Waaqa Yisihaaq, Waaqa Yaaqoob ti. jedhe" Museenis immoo Waaqayyoon arguu waan sodaateef fuula isaa haguugee.*** **Ba'uu 3:1-6**

Kanarraa fakkeenyummaadhaan waa'ee haadha keenyaa baranna:

- **Biqiltuu Phaaxoos (Lalistuu Siinaa**): - Fakkeenya Giiftii keenyaa
- **Laboobichi:** Fakkeenya waaqummaa Gooftaa fi Fayyisaa keenya Iyyasuus Kiristoosiiti

- **Lalistuu**:- Fakkeenya foon namummaa
- **Laboobnii fi lalistuun waloomaan Museen arge:** - Fakkeenya Giiftii keenya Maariyaam Waaqayyoon durbumman ulfooftee durbumman deesseeti.
- **Tulluu Siinaa:** Fakkeenya mana kiristiyaanaati. Museen "Kophee kee baafadhu akkuma ittin jedhame Kophee kaawwatanii mana kiristaanaa seenuu hin qabdan" jechuu isaati.

2. Bidiruu Kakuusaatii Ba'uu 25:10-22

Kakuu bidiruu isaatii muka daana'oon hin nyaannerraatii kan hojjetame; alaaf duubaan warqeedhaan kan bareedeedha.

- Muka daana'oon hin nyaanne irraa hojjetamuunsaa fakkeenya durbummaa bara baraa giiftiin keenya Maariyaamiiti.
- Alaanis keessaanis warqeedhaan maragamee taa'uunsaa immoo fakkeenya ulfina durbummaa isheeti. Giiftiin keenya alaan foonsheetiin keessaan yaadasheetiin qulqulleettii waan taateef.
- Qulqullummaa giiftii keenya Maariyaamiitti taaboticha gubbaan mannaan taa'u immoo gadameessa ishee keessatti kan wl simate fakkeenya manna isa dhugaa fakkeenya fayisaa biyya lafaat.
- Taaboticha keessa kan jiru tsillaaticha irratti sagaleen waaqayoo barreeffamuun isaa immoo gadameessa dubaroo Maariyaamii keessa sagaleen qaana qabu (gooftaan keenya Iyyasuus Kiristoos) fakkeenya keessa buluu isaati. (galata Maariyaamii kan dilbataa**).**

3. Ulee Aaron s/lakk. 17:8-11

Borumtaa isaas Museen yeroo gara godoo dhuga-baatuutti ol gale, kunoo, uleen Aaron inni kan mana Lewwii, latee, hudhee, daraarees ija lawuzii bilchaataa godhatee ture; Museen uleewwan sana hundumaa fuula Waaqayyoo duraa fuudhee gara guutummaa Israa'elitti gad in baase; isaanis ilaalanii adduma addaan ulee ulee isaanii in fudhatan. Waaqayyo ergasii Museedhaan, "Ulee isa kan Aaron sanduuqa dhuga-baatuu sana duratti deebisi, ulichi warra didanii ka'an sanaaf milikkita haa ta'u! Wanta kanaan isaan akka hin dhumnetti deebi'anii ana irratti akka hin guungumne in goota" jedhe*. Museenis akkuma Waaqayyo isa abboome in godhe. **S/lakk. 17:8-11.**

- **Uleen Aaron fakkeenya giiftii keenya Maariyaamiiti. Uleen sun osoo hin dhaabin bishaan malee kan daraare muka lawiz jedhama.**
- **Mukni lawiz sun gooftaa keenya Iyyasuus Kiristoositti fakkeeffama.**
- **Utuu hin dhaabinii fi utuu bishaan hin obaasin daraartee ija naqattee argamuun ishee immoo sanyii dhiiraa malee icitii hin qoratamneen giiftii Maariyaamiin gooftaa keenya durbummaadhaan ulfooftee fakkeenya da'uu isheetiiti. Galata Maariyaam kan Dilbataa**

4. Tsamirii Geediyoon A/Fird. 6:38

Giidewon yommus Waaqayyoon, "Saba Israa'el harka kootiin akka oolchituuf ati dubbatteetta; kunoo, ani rifeensa hoolaa oobdii keessa nan kaa'a, lafti hundinuu gogaa ta'ee, rifeensicha hoolaa irra fixeensi yoo bu'eef, saba Israa'el harka kootiin akka ati oolchitu nan beeka" jedhe.

Wanti kunis akkuma inni jedhe ta'e; Giidewonis borumtaa isaa ganameeffatee ka'ee, bishaan willee tokko guutuu rifeensicha keessaa cuunfee baase. Ammas Giidewon Waaqayyoon, "Al tokko immoo dubbadhee irratti nan ilaalaatii, hadaraa aariin kee ana irratti hin boba'in! Amma immoo rifeensichi duwwaan gogaa haa ta'u, lafa hundumaa irratti garuu fixeensi akka bu'u godhi!" jedhe. Halkan sanattis Waaqayyo akkuma inni jedhe lafa hundumaa irra fixeensi akka buufatu rifeensichi duwwaan garuu gogaa akka ta'u in godhe. **A/Fird. 6:36-40.**

- Tsaamiriin sun fakkeenya giiftii keenyaati.
- Jiidhi keenya fakkeenya gooftaa keenya Iyyesuus kiristoosiiti.
- Jiidhi sun tsamiriirraa bu'uun isaa immoo qaama sadan jiran keessaa qaqqayyoo inni tokko ta'e samii irraa gadi bu'ee giiftii keenya dubaroo Maariyaamii foon ishee irraa foon dhiiga ishee irraa dhiiga lubbuu ihee irraa lubbuu fudhatee gadameessaa shee keessatti wal simatee nama ta'uu isaa agarsiisa.
- Jiidhi sun lafa irra bu'uu dhiisuun isa immoo dubartootni kan biroon ulfina akkasii argachuu dhabuu isaanii agarsiisa.
- Jiidhi lammaffaan lafa irra bu'e itillee sana irra bu'uu dhiisuun isaa immoo dubartoota

biro irra kan ture abaarsi cubbuudhaagiiftii keenya Maariyaamii irra akka hin turre agarsiisa.

5. Duumessa Eliyaas 1moot. 18:41-43

Kana booddee Eliyaas, “Sagaleen bokkaa yandoo waan dhaga'amuuf amma ol ba'ii nyaadhu, dhugis!” jedhee Ahaabitti in dubbate.
Ahaab nyaachuudhaaf, dhuguudhaafis ol in ba'e; Eliyaas garuu gubbee tulluu Qarmelos irratti ol ba'ee mataa isaa hamma jilba isaa biraan ga'utti gad gombisee in kadhate. Hojjetaa isaatiin immoo, “Dhaqii qixa galaanichaatiin ilaali!” jedhe; kana irratti inni dhaqee ilaalee, “Achiin homtuu hin jiru” jedheen; Eliyaas, “Si'a torba deebisee dhaqii ilaali!” ittiin jedhe. **1moot. 18:41-43.**

- Duumessi xiqqoon sun fkkeenya giiftii maariyamii yemmuu taatu; bokkaan ishee irraa argame immoo fkkeenya gooftaa keenya Iyyesuus kiristoosiiti.
- Duumessi xiqqoo qulqulluun sun dachee kan uwwiste bokkaan bakka irraa argame hundaa giiftii Maariyaamiinis gosa mucaa namootaa keessaa kan filatamte mucaa xiqqoo taatee utuu jirtuu bakka dhiifamaa gooftaa Iyyesuus kiristoos nuu du’uu isaatiin nagaa beela’ee dhiifamaa fi arjummaa dheebotee kan ture mucaa namaa eebba foonii fi lubbuu quufuu fi dheebuu ba’uu isaatiin giiftii keenya Maariyaam duumessa eliyaasitti fakkeeffamti.
- Qulqulluun abbaan Efireemis galata Maariyaam gaafa roobii irratti “bishaan bokkaadhaa walitti nuu kuustee kan argamte duumessi dhugaadhaa si’iidha” ittin jedhee jira.

6. Gomboo /Okkotee/ Elsaayi. 2moot. 2:19-21

Gaaf tokko namoonni mandarichaa Elsaa'iidhaan, “Yaa gooftaa, kunoo, akkuma ati argitu, mandarichi illee iddoo ba'eessatti ijaarame; garuu bishaan isaa gadhee waan ta'eef dubartoota irraa ulfaa in baasa” jedhan. Inni immoo, “Waciitii haaraa soogidda keessa buusaatii anatti fidaa!” jedhe; isaanis waciiticha isatti in geessan. Inni immoo gara burqituu bishaanichaa dhaqee soogiddicha itti darbatee, “Waaqayyo, ‘Ani bishaan kana bishaan nagaatti geddareera; egaa bishaanichi deebi'ee waa hin ajjeesu, ba'a-ulfaas dubartootatti hin fidu’ jedha” jedhe. **2moot. 2:19-21.**

- Gomboon haaraan sun fakkeenya giiftii Maariyaamiiti.
- Gomboo sana keessa kan ture ashaboon immoo addunyaa kana qorichummaa isaan kan mi'eesse fakkeenya gooftaa keenya Iyyesuus kiristoosiiti.
- Summiin sun immoo fakkenya cubbuuti.
- Bishaan sun summaa'uun immoo addunyaan biyya lafaa kun sababa cubbuu isaatiin summaa'ee mucaan namaa hundumtuu , inni gadameessa keessaa illee osoo hin hafiin harka du'aa keessa galee murtee adabaa jalatti kufee kan ture kan ibsuudha.
- Gomboo sana keessatti kan argame ashaboon sun bishaanicha fayyisuun isaa immoo dubroo Maariyaamii irraa dhalatee fayyisaan addunyaa Iyyesuus kiristoos dhiiga isaatiin addunyaa qulqulleessuu, isa du'as balleessu, isa murtee dhabamsiisu, isa mucaa namaaf qoricha jireenyaa ta'u, isa fayisaa biyya lafaa jedhamee ummattoota isaa fayyisuu isaa agarsiisuudha.

7. Siidaa dhugaa ba'umsa Iyaasuu Iya 24:25-27.

Guyyaa sana Iyaasuun namoota wajjin kakuu gale, Sheekem keessattis seera fi murtii isaaniif kenne.Iyaasuun jechoota kana hunda macaafa seera Waaqayyoo keessatti barreesse.***Dhagaa guddaa sana fuudhee muka naannoo mana qulqullummaa jala dhaabeIyyaasuunis uummatichaan kunoo jecha waaqayyoo isa nutty dubbate dhaga'eeraati dhadaan kun nutty raga ba'a. egaa waaqayyoo keessan akka hin kaadne kun isinitti ragaa ba'a waan ta'eef jedhe.*** **Iya 24:25-27** Siidaan dhagaa dhuga ba'umsaa Iyaasuun dhaabe Israa'elonni waaqolii **Mo'aab** irra Waaqayyoon filatanii mallattoo waadaa galuu isaanii kan agarsiisu yoo ta'u, dhagaan sunis roga **sadii** qaba ture.

- **Siidaan**: Giiftii keenya
- **Roga sadii ta'uun**: Giiftiin keenya foon isheetiin, lubbuu isheetiin, qalbii ykn yaada isheetiin durba ta'uu **tokkos** Giiftiin keenya bultoo qulqulleettii Sillaasee ta'uu isheeti.
- **Siidaan kun maqaa beekamtii Iyaasuu ture**: Iyaasuu jechuun qoricha jechuudha. **maqaan beekamtii** Fayyisaa keenya Iyyasuus Kiristoos Giiftii keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam dha. Gooftaan addunyaa kana irratti kan beekame, kan ifa ba'e, kan Mul'ate ,Ishee irraa dhalatee waan ta'eef Giiftii keenya malee Gooftaa beeka jechuun rakkisaadha. Uumama laga tokkoo beekuuf, gara madda isaa deemuun barbaachisaa dha.

8. Masoobii Warqee Eliyaas 1 Mootota 19:1-10

Kitaabni qulqulluun kun akka nutti himutti raajichi **Elsaa'i** yeroo mootii Akihaab fi mootittii Elizaabel waliin wal lole lubbuu isaa baraaruuf imala guyyaa tokkoo deemee, gammoojjii keessatti muka **Kitkittaa** jedhamu jala osoo **rafaa** jiruu ergamaan daabboo tolfamaa fi bishaan fidee si'a lama akka sooree fi innis sanaan jabaatee hamma gaara waaqayyoo gaara **Kooreeb** bira ga'utti guyyaa 40 fi halkan 40 akka deeme kitaabni qulqulluun nutti dubbata. **1Moot 19:1-10.**

- **Eliyaas**: Fakkeenya Addaam fi ijoollee isaa amantootaati.
- **Masoobiin Warqee**: Warqeen fakkeenya qulqullummaa Giiftii keenyati.
-
- **Mannaa**: - Fakkeenya Gooftaa tokkos Foon fi dhiiga isaa: Sababni isaas buddeenni jireenyaa gooftaa keenya Iyyesuus kiristoosiidha.Masooba warqeetti kan fakkeeffamte giiftii Maariyaamii irraa waan argameedhaaf gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos caaffata qulqulla'aa keessatti jireenya addunyaadhaaf buddeenni ani kennu foon kooti jedhee icitii isaa ibsee jira. Yoh. 6:51.
- **Hirriba**: Fakkeenya cubbuu
- **Ergamaa**: fakkeenya luboota fi barsiisotaa
- Akkuma Raaji Eliyaas ergamichaan hirriba isaa irraa dammaqee nyaata nyaate irraa humna argatee gara gaara Waaqayyoo gara **Koreebitti** ol bahee, ilmi namaas nyaata jireenyaa kan ta'e foon fi dhiiga isaatiin humna argatee fakkeenya mootummaa samii seenuuti.

Abbaa guddaa qulqulluu **Efreemis** ***ati nyaata dhokate kan qabdu qulqulluu masoobii warqeeti. Nyaatni sunis samii irraa Kan bu'e addunyaa guutuuf jireenya kennudha*** jechuun ibseera. Galata /Maariyaam Kan guyyaa Dilbataa/

5.2. Raajii Giiftii Keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam Raajota Qulqullootaan Dubbatame

Raaji jechuun maal jechuudhaa?

Raajii: Waan dhufu dursee kan mul'isudha Ibr 1:1

Raajii: Osoo hin raawwatamin akkamitti akka raawwatamu hin beekamu, garuu erga raawwatamee booda sabni Waaqayyoo gochi sun raawwii raajichaa ta'uu ni hubatu, garuu warri

kan Waaqayyoo hin taane hin hubatan. Barreessitootni kakuu haaraa “jechi raajotaa haa raawwatuuf jecha kun hunduu ta’e” jedhanii irra deddeeb’uun kakuu moofaa caqasaniiru. Maatewos 1:22, 1Phex 1:10.

Raajii:- Hiikkaa qaba. Jecha raajii hiikuun rakkisaa waan ta’eef namni kamiyyuu akka fedhetti hiikuun hin hayyamamu. "***Dura kana beekuu qabdu. namni tokko illee raajii macaafa keessatti argamu hundumaa ofii isaatiif hiikuun hin hayyamamneef, raajiin fedha namaatiin dhufeeti. Garuu Waaqayyoon namoonni qulqulloonnis ergamanii hafuuraan kaka'anii dubbatani malee***," 2Phex 1:20.

Raajii:- Akka kaayyoo bu’uuraa isaatti malee jecha jechaatti raawwatamuu dhiisuu danda’a.Fakkeenyaaf:- Raajiin Hojii Ergamootaa 4:5 irratti waa’ee Eliyaas dubbatame Yohaannis cuuphaan raawwatame.Maatewos 17:10: Wanti bu’uuraa ummata Waaqayyoof qopheessuudha. Fakkeenya kana keessatti akkuma Eliyaas Yohaannisiin hiikame, wanti kitaaba raajii keessatti "Tsiyoon" jedhamee dubbatame Giiftii keenyaan raawwatame.

Kana booda barumsa keenyaaf waa’ee Giiftii keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam raajii dubbataman keessaa muraasa qofa ilaalla.

A. **Namni haadha keenya *Tsiyoon* jedha, namnis ishee keessaa dhalate, ofii isaatii inni teessoo olaanaan ishee hundeesse**. Faarfannaa 86:5

Jecha Raajii kana waa’ee Giiftii keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam karaa mul’ata Hafuura Qulqulluutiin kan dubbate raajicha Qulqulluun Daawitiidha. Raajichi raajii isaatiin, “**Namni haadha keenya *Tsiyoon* jedha**” jedhee "Tsiyooniin" qabee waa’ee haadha keenyaa dubbateedha.

- **Tsiyooni** jechuun abdii, baqannaa, diinaaf kan hin mo'amne yoo ta'u, Giiftiin keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaamis fira amantootaa araarsituu ta’uusheen Tsiyoon jedhamuun isheef ni ta’a.
- "**Ishee keessatti namni dhalate**":- Raajichi Qulqulluuni Daawit jecha raajii kana kan dubbate Giiftii keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaam irraa, Gooftaan keenya, Waaqni keenya, Fayyisaan keenya, Iyyasuus Kiristoos, foon ishee irraa foon. lubbuu isheerraa lubbuu fudhatee, Waaqni mudaa hin qabne, nama mudaa hin qabne ta’a jechuuf.

- "**Inni ofii isaatii inni teessoo olaanaan ishee hundeesse** ":- Raajiin Qulqulluun Daawit ishee irraa kan dhalate, amala kabajamaa kan qabu Iyyesuus Kiristoos qulqullummaan, durbummaa bara baraa akkuma ishee taasise(hundeesse) waan hundee qabu hunduu akkuma hin sochoone isheenis xuraa'ina foonii akka hin qabne hafuura qulqulluun durfamee dubbate.

B. ***Mootittiin Uffata warqee uffattee, mirga kee ni dhaabatti, Ilaa mucaa koo as ilaali gurra kees as garagalchi; fira keef mana abba kee irraanfadhu Mootiin bareedina kee ni jaallata. Inni gooftaa keeti Faarfannaa 44:9***

Lapheen waaqayyoo qulqulluun Daawit raajii isaa keessatti "**mootittii**" kan ittiin jedhe Qulqulleettii Dubroo Maariyaamiidha. Raajii Daawit waggaa dhibba sagal booda qulqulleettii Dubroo Maariyaam aantee isaa fi sanyii isaa irraa akka dhalattu hafuura waaqayyoon hubatee, "Mucaa koo" jedhee ishee waame.

- "**Mootii**" Kan jedhe Waaqa amalummaa Gooftaa keenya,Waaqa keenya, Fayyisaa keenya Iyyasuus Kiristoosidha.
- **"bareedina kee**" kan jedhe immoo qulqullummaa ishee, of eeguu ishee fi durbummaa isheeti.
- **"Mootiin bareedina kee waan jaallateeraatii":** Mootiin Kiristoos qulqullummaa kee jaallatee haadhummaaf si filateeraati.
- **"Maatii kee mana abbaa kee irraanfadhu":-** Wanti inni jechuu barbaade raajii kanaatiin Abrahaam mana abbaa isaatii akkuma bahee yeroo isheen waggaa sadii guuttu mana abbaasheetii baatee mana qulqulluummaa seente; Abrahaam firoota isaa irraa akka adda ba'e; isheenis waggaa sadii booda firoota abbaaf haadha ishee irraa adda baateeergamoonni ishee tasgabbeessaa fi ishee sooraa turaniiru;

C. ***Waaqayyo duumessa ariifataan balali'ee gara Gibxii ni dhufa, waaqolii tolfamoowwan Gibxiis fuuldura isaatti ni kufu, garaan Gibxiis ishee keessatti ni hollata. Isa 19:1***.

Raajiin kun kan dubbate raajii Waaqayyoo Isaayyaas Qulqulluun yoo ta'u, raajii kana keessattis Giiftii keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaamii fi ilmi ishee Fayyisaa addunyaa Kiristoos godaansisaanii gara Gibxiitti akka ta'uu fi waaqolii tolfamoo Gibxii keessatti waaqeffatamaa turan akka hollataniifi akka badan raajii raajameedha.

- **"Waaqayyo duumessa saffisaan balali'ee gara Gibxii ni dhufa": "Duumessa ariifataa/saffisaa" kan ittiin jedhe haadha keenya qulqulleettii Maariyaamiidhaan.**Akkuma barreessaan:"አፍጣኒተ ረድኤት ማርያም በጊዜ ምንዳቤ ወአፀባ ለአይን እምቀራንባ", hiikni isaas: Giiftii keenya Maariyaam yeroo rakkina gargaarsi kee ija gugee caalaa saffisaadha." Wangeelli Qulqulluun "duumessi ariifataa" Giiftii keenya ta'uu isaa yeroo ibsu, Luqaas 1:39 irratti "Baroota sanatti Maariyaam ariifattee gara biyya gaarreenii gara Yihudaa ol baate" jedha.
- **"Waaqayyo duumessa saffisaan balali'ee"** jechuun:- Giiftii keenya irraa, foon ishee foon, lubbuu ishee irraa, lubbuu fudhatee nama kan ta'e qaama sadan keessaa tokko ilmi waaqayyoo "Iyyesuus Kiristoos" Waaqayyo akka ta'e dubbate. Ulfinni isaaf haa ta'uutii Iyyesuus Kiristoo Waaqayyo akka ta'e warra hin amanneef deebii kenne.
- "**Gara Gibxii ni bu'a**" jedhe:- Waaqni keenya Kiristoos Giiftii keenya irraa yommuu dhalate ogeeyyiin ba'aa harka fuudhii qabatanii akka dhufan argee, Mootiin Heroodis inaaffaa irraa kan ka'e Gooftaa ajjeesuuf ka'e. ergamaan waaqayyoo biraa ajajame tokkos qulqulluu Yooseefitti abjuudhaan mul'atee mucichaa fi haadhasaa fuudhee gara gibtsiitti akka deemu ajajeera. Hamma Heroodis du'uttis Waggaa sadii fi ji'a jahaaf achi tureera. Kun akka raawwatamu raajichi Isaayyaas kan raajeedha. Maat. 2:13-19.
- "**Waaqa tolfamaa warra Gibxii isa duratti ni kukkufu**":- Kunis kan ta'e Gooftaan keenya fi Giiftiin keenya Maariyaam, akkasuma Yooseef fi Salomeen godaansaan gara biyya Gibxii yeroo deeman kan ta'eedha; waaqaoliin warra gibxii badaniru. Gibxiinis waaqolii tolfamoo waaqessuu irraa gara waaqayyootti deebiteetti. Sababa kanaanis Gadaamotaa gurguddaa fi tulluun Qusqu'aam akkasuma tulluun Mixmimaaq fi kkf argamanii bakka jireenya qulqullootaa ta'aniiru. Kun akka ta'uuf waaqayyoo dursee afuura qulqulluudhaan raajicha Isaayyaasiif mul'ise.

D. Kana booddee namichi deebisee gara karra iddoo qulqulla'aa isa gara duubaa isa gara ba'a biiftuutti garagalutti na geesse; karrichis cufamaa ture. Waaqayyoo anaan "karri kun cufamee haa taa'u malee hin banamin, waaqayyoo gooftaan Isiraa'eel achiin waan ol galeef namni tokko illee achiin ol hin galin, kanaaf inni cufamee haa taa'u. Hisqi'eel 44:1 fi 2.

Waa’ee qulqullinaa fi kabaja deessuu waaqayyoo dubaroo Maariyaam raajota raajii isaaniin dhugaa ba’an keessaa tokko kan ta’e raajii Hisqi’eel kan raajeedha.

- **Ba’a**: kan jedhamte haadha keenya qulqulleettii dubaroo Maariyaamiidha.
- **Mana qulqullummaa:** kan jedhame gadameessa isheeti.
- **Balbala cufame:** kan jedhame chaappaa durbummaashee ibsuuf.
- **Cufamee ture:** yeroo jedhu gooftaa da’uusheen dura durba akka turteedha.
- **Cufamee jiraata hin banamu:** jechuun isaa fayyisaa keenya kiristoosiin erga deessee booda Bara baraan durbummaan jabaattee jiraastti jechuudha.
- **Waaqayyoo gooftaan Isiraa’eel achiin waan ol galeef namni tokko illee achiin ol hin galin:** himni jedhu waaqayyoo waaqa ilmaa Iyyesuus kiristoosiin durbummaadhaan ulfooftee durbummaadhaan erga deessee booda durbummaa bara baraatiin jabaattee kan jiraattuu fi gooftaan malee dhala kan biraa kan hin qabne shakkii malee leensii raajiitiin kan mirkaneesseedha.

Giiftii keenya faarsuuf ayyaana guddaan kan kennameef Abbaa Qulqulluu Efreem akkana jedhan: "***Raajichi Hisqi'eel waa'ee ishee / Giiftii keenya / akkana jechuun raga ba’eera. karaa bahaan balbala furtuu guddaadhaan cufame arge. Gooftaa jabaa malee Namni itti seene hin jiru***"

GALANNI WAAQAYYOOF HAA TA’U!!!